# XIINXALA DANDEETTII DHAMJECHOOTA HIRKATOO AFAAN OROMOO: BARATTOOTA KUTAA 11FFAA MANA BARUMSAA HURRUMUU FI SOONXAA SADARKAA 2FFAA

**QORATTUUN: ITEENESH SHIGGUX**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII 2FFAA (MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2014**

**JIMMA**

**XIINXALA DANDEETTII DHAMJECHOOTA HIRKATOO AFAAN OROMOO: BARATTOOTA KUTAA 11FFAA MANA BARUMSAA HURRUMUU FI SOONXAA SADARKAA 2FFAA**

**QORATTUUN: ITEENESH SHIGUX**

**GORSAAN: TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD)**

**GORSAA AANTEE :TAAYYEE GUDDATAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII 2$^{FFAA}$ ( MA) BARRNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUU GUTTACHUUF KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE.**

**HAGAYYA,2014**

**JIMMA**

**Ibsa**

Ani qorattuun maqaa fi mallattoon koo armaan gadiitti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi mata duricha irratti kallattiin kan hojjetame akka ta'ee akkasumas kan nama biraa irraa kan hin waraabne ta'uu mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqa

qorataa: Iteenesh shigux

Mallattoo ______________________

Guyyaa ________________________

Waraqaa qorannoo haala seera qorannoo eegee qopheessuu ishee fi muummeef galchuu akka dandeessu gorsaa fi gorsaa aanteen mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa ______________________________

Mallattoo____________________________________

Guyyaa_____________________________________

Maqaa gorsaa aantee: ___________________

Mallattoo: __________

Guyyaa: ___________

## Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa,hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa keessatti argaman dandeettii isaanii fooyyeessuuf sakkata'uun adda baasuudha.Qorannichaaf ka'umsa kan ta'e barattoonni mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2ffaa fi Sonxaa sadarkaa 2ffaa dandeettii dhamjechoota hirkatoo irratti qaban adda baasuun furmaata kaa'uufidha. Qorannoon kunis,mala makaatti gargaaramuun kan gaggeeffame yemmuu ta'u,Barattoonnifi barsiisonni kutaa 11ffaa barataniifi barsiisan akka iddattootti filatamaniiru.Barattoonni hirmaatan mala iddatteessu carraa ta'ee kan mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2ffaa 102 fi Sonxaa sadarkaa 2ffaa 20 ida'ama 122 fi barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 10ffaa barsiisan kan mana barumsaa Hurrumuu 4 fi kan Sonxaa 1 ida'ama 5 mala iddattoo amargeetti fayyadamuun odeeffannoo walitti qabameera. Akkasumas, meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo kana keessatti kannen akka: qormaata barattootaa,sakkata'a dookumantii fi af-gaaffii barsiisotaa irraa ragaaleen funaanaman lakkoofsaafi jechaan ibsameera. Argannoowwan qorannoo kana irraa argaman akka mul'isutti barattoonni dhamjechoota hirkatoo kanneen tajaajila caasluga adda addaa agarsiisanfi bakka argama isaanii irratti addaan baasanii beekuu irratti hanqina kan qaban ta'uu mul'ateera.Dabalataanis ragaan af-gaaffii barsiisota irraa argames,barattoonni fedhii dhabuu, akka waan beekaniitti of ilaaluufi kitaaba barataa keessatti dhamjechoonni hirkatoon akaakuu isaaniitiin yaadannoo fi fakkeenya ga'aa dhabuu fi kitaabileen wabii dhabamuu akka ta'e hubatamee jira. Walumaa galatti argannoo qorannoo kanaa irraa ka'uun barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan,Itti gaafatamaa Dippaartimentiifi waajjirri mana barumsaa waliin qindaa'uun hanqinaalee dandeettii barattootaa mudateef furmaata laachuun ga'ee isaanii osoo ba'atanii gaariidha.

# Galata

Duraan dursee Waaqayyoo isa nauumee, umurii fi carraa barnootaa kana kan naaf kennee guyyaa har'aa akkan ga'u kan nagodheef galanni guddaan haa ga'u.Itti aansuun mata duree qorannoo kanaa filachuurraa eegalee hanga xumura kanaatti yaada gabbataa anaaf kennuufi naqajeelchuun gorsaa koo Tashoomaa Balaayinaatiif (PHD)  fi gorsaa koo aanteef Taayyee Guddataaf (PHD) galannifi ulfinni isiiniif qabu guddaadha.Dabalataanis,maatii koo hundumaaf deggarsa karaa hundumaa naa gochuun na cinaa dhaabbataniif jaalalaafi ulfina guddaan isiniif qaba.

Dhumarrattis, qorannoo kana yemmuun gaggeessu waajjira mana barumsaa meeshaalee nabarbaachisu atooma naaf gochuudhaan kan najajjabeesaniifi barsiisota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 10ffaa barsiisan afgaaffii qophaa'ee yaada isaanii haala barbaachisaa ta'een kan naaf kennaniif baayyeen galateeffadha.

## Hiika Jechootaa

| | |
|---|---|
| Abstract | axareeraa |
| Morphology | xiinjecha |
| Morpheme | dhamjecha |
| Types of morpheme | akaakuu dhamjechaa |
| Research design | saxaxa qorannoo |
| Available sampling | ammargee |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axareeraa ... i

Galata ... ii

Hiika Jechootaa ... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ... 3

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 5

1.3.2 Kaayyoo Gooree ... 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5

1.5 Daangaa Qorannichaa ... 6

1.6 Hanqina Qorannichaa ... 6

1.7 Qiindoomina Qorannichaa ... 6

BOQONNAA LAMA : SAKKATTA'A BARRUU ... 7

2.1. Xiinjecha (morphology) ... 7

2.2 Maalummaa Dhamjechaa (morpheme) ... 8

2.3. Akaakuuwwan Dhamjechootaa (Types of morphemes) ... 10

2.3.1. Dhamjecha walabaa ... 10

2.3.2. Dhamjecha Hirkataa ... 12

2.3.3. Akaakuu Fufii ... 13

2.4. Qabiyyee Isaan Qaban Irratti Hundaa'uun ... 19

2.4.1. Dhamjecha Dhokatee ... 19

2.4.2..Dhamjecha Tajaajil Tokkee ... 20

2.5. Qorannoo Walfakkii ... 20

2.6. Yaadiddama Qoranichaa ... 22

BOQONNAA SADII: MALLEEN QO'ANNOO ... 23

3.1. Saxaxa Qo'annoo ... 23

3.2. Irraawwatama Qorannichaa ... 23

3.3. Madda Odeeffannoo ... 24

3.4. Mala IddatteessuuFi Iddattoo Qorannichaa ... 24

3. 5. Tooftaa Funaansa Ragaalee ... 25

3.5.1. Qormaata ........ 25
3.5.2 Sakatta'a Dokumantii ........ 26
3.5.3. Af-gaaffii Barsiisotaa ........ 27
BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE ........ 28
4.1. Seensa ........ 28
4.2 Ibsa waa'ee odeef-kennitootaa ........ 28
4.3. Xiinxala Dandeettii Dhamjechoota Hirkatoo Tajaajila Caaslugaa Agarsiisaniifi ........ 30
Bu'uura Bakkaatiin Argaman ........ 30
4.3.1 Xiinxala Qormaata Marsaa 1ffaa ........ 30
4.3.2. Qormaata Barattootaa Marsaa 2ffaa ........ 42
4.4. Sakata'a Dokumantii ........ 54
4.5. Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisotaa ........ 56
BOQONNAA SHAN: Guduunfaa,Argannoo fi Yaada Furmaataa ........ 59
5.1. Guduunfaa Qorannichaa ........ 59
5.2. Arganno ........ 59
5.3. Madda hanqinaalee dandeettii dhamjechoota hirkatoo barattootaa ........ 60
5.4. Yaada Furmaataa ........ 61
Wabiilee ........ 62
DABALEE A ........ 65
DABALEE B ........ 66
Dabalee C ........ 68
DABALEE D ........ 69
DABALEE E ........ 70
Dabalee E ........ 78

## BAAFATA GABATEEWWANII Fuula

Gabatee Dhamjechoota (uumamtee)……………………………………………………….15

Gabatee Dhamjechoota Hortee………………………………………………………….17

Gabatee Odeeffannoo deebii kennitoota Barattootaa………………………………………..30

Gabatee Odeeffannoo deebii kennitoota Barsiisotaa……………………………………….31

Gabatee 1ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’uura Tajaajila Caaslugaan…………………………..35

Gabatee 2ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’uura Bakkaatiin…………………………………….37

Gabatee 3ffaa Dhamjecha Hirkataa Tajaajila Caaslugaan……………….............................42

Gabatee 4ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’uura Bakkaan ………………..…………………..44

Gabatee 5ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’ura Tajaajilaatin ………….……………………….50

Gabatee 6ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’uura Tajaajilaan…………….……………………...56

Gabatee 7ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’uura Tajaajilaan …………….……………………...59

Gabatee 8ffaa Abbaltii Barattoota M/barumsaa Hurrumuu ……………………………….…61

Gabatee 9ffaa Abbaltii Barattootaa M/barumsaa Sonxaa………………………………….…61

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan meeshaa wal qunnamtii dhala namaati.Kanaaf afaanii fi hawaasni gargar bahanii hinjiraatan.Dhalli namaa afaan isaatti fayyadamee adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti gaddaafi gammachuu,argachuu fi dhabuu akkasumas jaalalaa fi jibba ittiin ibsatuudha.Rabbirraa,Lyons,J.(1981:3) wabeeffachuun maalummaa afaanii yoo ibsu "Language is apurely human and instinctive means of communicating ideas,emotions and desires by means of voluntarly produced symbols " yaada jedhu kaasa. Yaada kanarraa akka hubannutti,Afaan kan dhalli namaa qofti yaada ,fedhii fi waan isaatti dhaga'amu hunda mallattoolee waligalteen uumamanii fi fayyadamuun ittiin walii galaniidha jechuun ibsa.Addunyaan (2011:1) Maalumaa afaanii akka ibseetti " Afaan sagaloota dubbiitti kan fayyadamu ,mallattoo eenyummaa fi baattuu aadaa hawaasa tokko kan ta'e meeshaa walqunnamtiiti" jechuun hiika.

Xiinqoqni akka dame barnoota tokkootti dhaabbatee baratamuufi barsiifamuu kan eegale jaarraa 20ffaa keessa ture.(Stern,1983;Lyons,1981) Xiinqoqni saayinsii afaanii ta'ee, afaanota addunyaa sagaleerraa kaasee hanga hiikaatti kan qoratuufi beekumsawwan biroo waliin walitti dhufeenya qabu dameewwan isaa adda addaatiin kan qoratudha.Kanneen immoo akka walii galaatti yoo ilaalaman kanneen akka itti fayyadama afaanii, ijaarsa jechootaa, seera afaanii, kan of keessatti qabatudha.Innis:xiinjecha, xiinsaga xiinhimaafi xiinhiika of keessatti haammata.Kanneen keessaa qorannoo akkaataa ijaarsa jechootaa afaan tokkoo irratti kan xiyyeeffatu xiinjecha afaan sanaa kan ilaaludha.(Lyons,1981;Mc Cart,2001)

Adunyaan (2011:1) (O'Grady 1996: chomosky1957) (Baller 1988.Finch 2005).wabeeffachuun Jechoota bu'uuraa (basic words) Afaan tokko keessatti jiran bu'uureeffachuun jechoota lakkofsaan daag-maleessa ta'an ijaaruun ni danda'ama.Jechoota kan ijaarrus ta'ee isa ijaarame hubachuuf dubbataan afaanichaa ga'umsa ni qaba. Dameen xiinqooqaa ijaarsa jechootaa (hormaataa fi yaasaa) balballoomsuu irratti gahee guddaa taphaatu immoo xiin jecha.

Jechi dhamjecha jedhu jechoota dhama (waan xiqqoo) fi jecha, jecha jedhu irraa uumame. Hiikti isaas qaama jecha tokoo haala adda addaan,gadii fageenyaan jechoota qorachuu irratti kan xiyyeeffatedha.Jecha Ingilliffaan 'Morpheme'Afaan Oromoon immoo dhamjecha( latii) jedhamu

kana O.Grady and Dobrovolsky (1996:111 ) yeroo hiikan “Morpheme is the smallest unit of meaning that carries information about meaning or function”. Yaada waraabbii kana irraas kan hubatamu, dhamjechi qaama xiqqaa ta’ee hiika ykn tajaajila seerlugaa jechootni caasaa Afaanii qaban akka ta’edha.

Afaan kamiyyuu seera waligalaa (universal grammer) akkuma qabu, seera mataa isaas qaba.Seerri kunis jecha irraa eegalee hanga caasaa himaatti tartiibaan wal ijaaree wal miidhagsaa Kan adeemuu dha. Yaada kanas Zdeynek (2007:99) yeroo ibsu “Every Language has its own stock of morphemes and arranges them into words, phrase and sentences in aparticular way and every Language has its own grammatical categories very from one language to the next” .

Walumaagalatti dhamjechi tartiibaa fi boca jechootaa, qindaa’ina yaada jechootaa fi jechoota garaagaraa afaan tokko keessa jiranidha jechuun ni danda’ama.Dhamjechi qaama jechaati. Karaa biraa, jechi dhamjecha (Latiilee) adda addaa kan ofitti maxxanfateedha. Seerluga afaanichaa qacceessuudhaaf immoo dura hundee jechaa irraa ka’uun murteessaadha.Filee(2015 :70)Dhamjechi addaan qoodamee qofaatti hiika kan hin qabne yoo ta’u ,bakka jiruu sanaatti hiika kan qabuu fi tajaajila adda addaa kan kennuudha.Fakkeenyaaf /e/ qofaa dhaabatee dhamsagaa irraa adda kan ta’ee hiika hin qabdu. Jecha “deeme” jedhu keessatti; garuu {-e}’ n hika gochichi ennaa darbe keessatti raawwatamuu isaa mul’isa. Kanaaf, qorannoon kun yaaxxinna caaseeffamaa (structural theory) kan bu’uureeffate dha.Chomsky (1965: 163) “yaaxxinni caaseeffamaa seeraa fi caasaa afaanii ibsu irratti xiyyeeffata” jedha.

Dhamjechi of danda’ee ykn hirkatee argamuun hiika tokko qofa kan qabudha.Akaakuu dhamjechaa keessaa, dhamjechi hirkataan kan of danda’ee hindhaabannedha.

Afaan oromoo keessatti dhamjechi hirkataan qabiyyee irratti hundaa’uun hundee hirkaataa fi (bound root) fufii (affix) jechuun bakka lamaatti qoodamu. Hundeen qaama jechaa kan erga fufiileen irraa haqamanii argamu.Afaan Oromoo keessatti hundeen jechootaa baay’een isaanii ofdanda’anii hin argaman .Fufiin gosa dhamjecha hirkataa ta’ee qaamolee jechaatti fufamuun hiika kan jijjiiruu ykn tajaajila caaslugaa adda addaatiif kan ooludha.Fufiileen kunis, bu’uuraalee garaagaraatiin bakka garaagaraatti qoodamu. Bu’uurri qooddii kana inni tokko tajaajila isaanii yoo ta’u inni biraa immoo qabiyyee isaanitiin . Kana malees, bu’uura bakka argamatiin fufiilee afaanichaa iddoo adda addaatti qooduu dandeenya. Fufiileen Afaan oromoo tajaajila isaanii irraatti hunda’uun warra tajaajila caaslugaa dabalaniifi warra tajaajila garee jechaa ykn hiika

jijjiiran jechuun bakka lamaatti qooduu dandeenya. Bu’uura kannaan fufiilee yaasaa (derivational affixes) fufiilee hortee (inflectional affixes) jedhamu Addunyaa Barkeessaa (2011:12 -13)
Bu’uuruma kanaan gosootni dhamjechaa hedduu ta’uus ,xiyyeeffannoon qorannoo kanaa xiinxala dandeettii dhamjecha hirkataa Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffameedha.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkatoo Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa baratan irratti kan xiyyeeffatedha. Dhamjechoonni qaama jechaa irratti yemmuu maxxanan hiika kan qabanuufi tajaajila adda addaaf kan oolanidha.Qorannoon akka ka’umsaatti ilaalame qorannoo Duulaa (2008) Yuuniversiitii Finfinneetti mata duree” Qaacceessa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa12ffaa” irratti kan adeemsisedha.Xiyyeeffannoon isaas,qabiyyeen dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12ffaa bara 2005 qophaa’ee keessatti faayidaafi akaakuu dhamjechoota akkamitti akka dhiyaatanii jiran;hanqinaaleen gama kanaan mul’atan adda baasuufi akkamitti akka dhiyaachuu qaban akkasumas,furmaata isaa waliin kan ibsedha.
Qorannoon biraa akka ka’umsaatti kan fudhatame qorataa Dassaaleyn (2019) Yuuniversiitii Finfinneetti mata duree “Qaacceessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa’an keessatti kan gaggeesedha.Xiyyeeffannoon isaa dhamjechoonni hirkatoon kitaabilee kana keessatti unkaan,tajaajilaafi bakka galumsaan maal akka fakkaataniifi yaada furmaataa waliin kan agarsiisedha.
Walumaa galatti qorannoowwan armaan olitti eeraman qabiyyeen dhamjechoota kitaaba barataa keessatti dhiyaatan maal akka fakkaatanifi hanqinaalee jiran duuchuuf kan gaggeeffamedha.
Qorannoon kunis, dhamjecha hirkataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti qorannoo akka geggeessituuf ka’umsa kan ta’eef,yammuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiistu dandeettiin barattoonni dhamjecha hirkataa irratti qaban gad-aanaa waan ta’eefidha. Gama biraatiin barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan barattoonni dandeetti dhamjechoota hirkataa irratti qaban hanqina akka qaban yaada waan kaasaniif dhugummaa isaa qulqulleeffachuu fi madda isaa adda baafachuun furmaata isaa barbaaduuf kan geggeefamedha. Sababni isaas hanqinaaleen kuniin maqfaamuu yoo baatan barattootni hubannoo dhamjechoota hirkatoo dogoggoora ta’ee fi beekumsa gahaa hin taanee qabatanii darbuun guddina afaanichaa irratti dhiibba waan qabuuf

jechuudha.Beekumsaa fi itti fayyadama afaan tokkoo keessatti seera afaanichaa qixaan beekuun baay'ee barbaachisaadha.Seerri Afaanii kunis, seera seerlugaa, ijaarsa jechootaa fi kkf ifatti beekamuu qabu.Bu 'uuruma kanaan haala qindoomina ijaarsa jechoota afaan oromoo hubachuuf dhiyaannaa qabiyyee dhamjecha afaanichaa bu'uura godhaachuun addaa baasanii beekuun barbaachisaadha.

Seera qindoomina ijaarsa jechootaa Afaan Oromoo beekuun immoo seera afaanichi itti dhiyaatu hubachuuf beekumsa argachuudha.(Ijaaraa,1999). Barumsa Afaanii keessatti beekumsaa fi itti fayyadama afaanichaa qixxaan beekuuf haalli qophii kitaaba barataa baay'ee murteessaadha.kunis kan irratti xiyyeeffatu seera qindaa'ina caasaa afaanii jechuun qindaa'ina sagalee afaanichaa ,haala uumamaa fi hormaata jechootaa keessaatti gahee fi faayidaa dhamjechootni qaban,akkaaataa jechootni itti qindaa'inii gaalee fi hima ijaaraniif kkf dha. Harmer (1991:58)"one of the teacher job is to show how the new language is formed ,how the grammar works and how its put to gether .one way of doing this is explain the grammar in detail using grammatical terminology and giving amine lecture on the subject"jedha. Kana jechuun hojii barsiisaa keessa inni tokkoo akkaataa barumsa afaanii keessatti wanti haaraan tokko dhiyaachuu danda'u,akkaataa walitti dhufeenyaa fi hojiirraa oolmaa caasaa afaanichaa agarsiisuudha.kun immoo caasaa afaanichaa bu'uuraan beekuuf hiika ,caas aa fi qabiyyee barnoota afaanichaa irratti ibsa murtaa'aa tokko kennu danda'u agarsiisa.

Akka waliigalatti qoratuun kun qorannoo mata duree xiinxala dandeettii dham jecha hirkataa Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa irratti qorannoo kana geggeessuuf gaaffilee bu'uraa armaan gadii deebisuuf kan geggeefamedha. .

1. Dandeettii barattootaa dhamjecha hirkataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa maal fakkaata?
2. Hanqinni yoo mul'atee maalfaa ta'uu danda'aa?
3. Sababoonni hanqina dandeettii dhamjecha hirkataa barattootaa maali?
4. Yaadni furmaataa hanqinni dandeettii dhamjecha hirkataa barattootaa maal ta'uu danda'a?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree kan ofkeessaa qabudha. Isaanis haala armaan gadiitiin kan dhiyaatanii dha.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa keessatti argaman dandeettii isaanii fooyyeessuuf sakkata'uun adda baasuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

1. Dandeettii barattootaa dhamjechoota hirkataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa maal akka fakkaatan xiinxaluu.

2. Hanqinni yoo mul'ate maal maal akka ta'e adda baasuu.

3. Sababoonni hanqina dandeettii dhamjecha hirkataa barattootaa adda baasun ibsuudha.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Akka Filee J.(2019:9) barbaachisummaa qorannoo ibseetti mataduree tokko qorannoodhaaf osoo hin filatiin dura qorannichi maaliif akka barbaachise adda baasuun murteessaa dha. Barbaachisummaan isaas rakkoolee hiikuuf, yaaduuf,raaguuf,fooyyessuuf,jijjiiruuf,komachuuf, akkasumas hambisuuf wanta haaraa kalaquufi k.k.f ta'uu danda'a jechuun ibsa. Dhamjechootni caasaalee afaanii keessaa isa tokkoo fi baay'ee murteessaa ta'edha. Kanaaf barnoota afaanii keessatti ga'ee guddaa kan taphatudha.Milkaa'ina adeemsa baruu-barsiisuu barnoota afaan oromoo keessatti immoo hubannaan barattootni dhamjecha hirkataa irraatti qaban beekuun barbaachisadha. Sababni isaas, akkaataa barattootni dandeettii dhamjechoota hirkatoo beekuun dhamjechoota sirritti hubachuuf waan gargaaruuf dha.Qarannoon kunis ,barbaachisummaa dandeettii dhamjecha hirkataa barnoota afaan oromoo barattoota kutaa 11ffaa keessatti dhiyaataniif hanqinaalee mul'atan irratti furmaata kennuufidha.kanuma irratti hunda'uun :

1. Barattootas ta'e barsiisota carraa waraqaan qorannoo kana dubbisuu argataniifi hanqinaalee mul'atan kallattii qorannoo kanaatiin fooyyeessanii barattootaaf hubannoo akka uumaniif fayyada.

2. Namoota mata duree kanarraatti qorannoo gadi fageenyaa adeemsiisuu barbaadaniif kallattii ka'umsaa ta'a.

3. Kitaabileen barnoota Afaan Oromoo gara fuuladuraatti qophaa'an keessatti akkaataa itti dhamjechoonni hirkatoon dhiyaachuu qaban xiyyeeffannoo akka qabaatuuf gargaara.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Rakkoo diinagdee fi yeroorraan kan ka’e ,hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barattoota kutaa 11ffaa hunda bira ga’uun hindanda’amu.Kana malees,rakkoon akka ka’umsa qorrannoo kanaatti fudhatame naannoo oromiyaa keessatti argaman quunamuu danda’a jedhamee tilmaamama.Hata’u malee odeeffannoo barbaachisu manneen barumsaa hundarraa walitti qabuunis qorattuudhaaf ulfaataa ta’a.Kanaafuu daangaan qorannoo kanaa:mataduree xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkatoo Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa Godina Iuu Abbaa Boor Aanaa Hurrumuu Manaa Baarumsaa sadarkaa 2ffaa fi Sonxaa sadarkaa 2ffaa irratti daanga’ee kan geggeeffamee dha.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo adeemsiifame kana keessatti hanqinaaleen garaagaraa qorattuu mudachuu danda’eera. Hanqinaaleen kunneenis hanqina yeroo,.kitaabilee wabii adda addaa dhabamuu,Hanqina baajataa,rakkoo fageenya gorsaa irraa fagaachuu hanqina odeeffannoo adda addaa fi kkf…qorattuu mudaachuu danda’eera .Hanqinaalee kanneen jechuun hanqina yerootiif sagantaa yeroo raawwii qopheeffachuun itti dhimma baateetti. Akkasumas hanqina kitaabolee wabii adda addaatiif daataa networkii bitachuudhaan kitaabolee buufachuun dubbisuu danda’eera.Dabalataanis rakkoo gorsaa irraa fagaachuu ilaalchisee teeknoloojii Telegiraamiitiin wal arguun yaada ijaarsaa argachuu danda’eera.

## 1.7 Qiindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun Boqonnaa adda addaa shaniitti qoqodamee kan geggeeffamedha. Boqonnaan tokkooffaan seenduubee qorannichaa,ka’umsa qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa fi qindoomina qorannichaa of keessatti kan haammatedha..Boqonnaan lammaffaan immoo sakatta’aa barruu keessatti yaaxxinna qorannoo maalummaa xiinjechaa,faayidaa xiinjechaa,maalummaa dhamjechaa,Akaakuuwwan dhamjechootaa,qorannoo walfakkiifi yaaxina afaan barachuu mala caasseffama kan qabatedha. Boqonnaan sadaffaan mala Qorannoo iddattoo,madda odeeffannoo ,Adeemsa ragaalee funaanuu fi xiinxaluu of keessatti kan qabate yemmuu ta’uu, Boqonnaa arfaffaan immoo ragaalee tooftaalee adda addaatti gargaaramuun funaanaman kan keessatti xiinxalaman dha. Dhumarrattis ,Boqonnaa shanaffaan boqonnaa afur keessatti ragaaleen xiinxalaman bu’uureeffachuun goolabaa fi yaada furmaataa qorannichaatu dhiyaate jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU

## 2.1. Xiinjecha (morphology)

Akka Addunyaan (2011:2) jedhutti "Xiinjecha jechuun jechoota xiinxalaafi jecha jedhanirraa adeemsa suphuutiin uumame.Hiikni isaas ,dame xiinqooqaa kan akkaataa hormaataafi uumamsa jechootaa qoratudha.Gabaabumatti xiinjechi saayinsii keessoo jechootaa balbaloomsu dha".jechuun ibsa.

Xiinjecha jechuun dameewwan xiinqoqaa gooree(microlinguistics) keessaa tokko ta'ee,saayiinsii caasaa jechootaa qo'atudha.Katamba(1993:3) "Morphology is the study of the internal structure of words or simply a term for that branch of linguistics which is concerned with the form of in different uses and constitutions"jedha.Kana jechuun xiinjechi haala qiindaa'insa keessoo jechootaa kan qoratu yookiin moggaasa dame xiinqoqaaf kenname ta'ee,haala ijaarsa unka jechootaa adda addaairratti kan bu'uureffatudha.Akkasumas,boca,qabiyyeefi caasaa jechoota afaan tokko keessa jiran tokko tokkoon qo'achuu irratti kan xiyyeeffatudha.

Kana malees,Xiinjechi saayinsii xiinqoqaa kanneen akka:xiinsaga,xiimsaga,xinhimaafi kkf. warra caasaalee afaanichaa sadarkaalee adda addaatti ibsan keessaa isa tokko.Seeronni amala afaanichaa bu'uureeffachuun caasaa sadarkaa kanaa to'atanis nijiru.Uunkaa fi hiikaan baayyee ta'an ijaaruun ni danda'ama (chomosky,1957:O'Grady,1996,Yule,1996)

Afaan Oromoo keessatti xiyyeeffannoon xinjechaa sadarkaa kanaa amala jechoonni bu'uuraafi jechoonni uumamtee qaban xiinxaludha."Derivetional is one of the morphological processes by which new words are formed other words or stems"(Jensen,1990).Jechoonni Afaan oromoos tooftaa garaagaraatiin uumamuufi tajaajila adda addaatiif horuun kuusaa jechoota afaanichaa gabbisu.Kunimmoo guddina afaanichaa keessatti ga'ee cimaa kan qabudha

**Faayidaa Xiinjechaa**

Xiinjechi faayidaalee heddu qaba.Isaan keessaa:seerluga afaanichaa adda baasuun qopheessuu,yaad-rimeewwan haaraaf jechoota moggaasuu, galmee jechootaa qopheessuu,waaltina jechootaa fi caasaalee afaanichaaf haala mijeessuufi kkf.dha.(katamba,F1993,Wardough,1977;Fromkin,2003).Seerluga afaan tokkoo qopheessanii dhiyeessuun, namni afaanicha hinbeekne tokko seerluga afaanichaa irratti hundaa'uudhaan afaanicha haala salphaa ta'een akka baratu gargaara.Namni afaanicha baratu sun dhamjechoota seerluga agarsiisan adda baafatee yoo beekee hanqinaalee seerluga adda addaa raawachuurraa of eegee barreessuu nidanda'a (Assaffaa,2009)

## 2.2 Maalummaa Dhamjechaa (morpheme)

Maalummaa dhamjechaa ilaalchisee beektonni adda addaa haala garaagaraatiin ibsa itti kennaniru. Isaan keessaa, Adduyaa Barkeessaa (2011: 5) yoo ibsu , " dhamjechi sadarkaa xinjechaatti qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta'ee, of danda'ee ykn hirkatee argamuun hiika tokko qofa kan qabu dha . Caasaa Afaan oromoo keessatti waa'ee unka hiika qabu tokko xiinxaluun sadarkaa kanarraa eegala.

Bifuma walfakkaatuun Mornrnby (2005:993), Morpheme is the smallest unit of meaning that a word can be divided into one or different meaningful forms.Kana jechuun dhamjechi caasaa xiqqaa afaanii hiika qabu ta'ee, kan jecha tokko unkaalee hiika qaban tokko ykn tokkoo olitti qoodee kan dhiyeessudha. Finch (2005: 99) fi O' Grady (1996: 112) dhamjecha yoo hikan , " Morpheme is the smallest unit of language that Carries information about meaning and grammatical function" jedhu. Yaada hayyoota kanaarraa kan hubannu, dhamjechi qaama xiqqaa afaanii kanhiikaa fi tajaajila caaslugaa tokkof dhaabate ta'uu isaati.Gabaabinaan yoo ilaalle , unki xiinqooqaa hiika qabeessi tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta'e , dhamjecha jechuu dandeenya jechuun lafa kaa'a Gama kanaan yoo ilaalle , dhamjechi bifa saanduuqa kanaan gadii keessaa qabaachuu danda'a jedha Addunyaa (2020: 89)

| T/L | Dhamjecha | Fakkeenya |
|---|---|---|
| 1 | dhamsaga tokko | deem – n- e |
| 2 | Birsaga tokko | mur – siis –am-e |
| 3 | Jecha tokko | irra, jala, kun wk.f. |

Addunyaa (2020:89)

Akka qorannoon mul'isutti qaamni xiqqaan kun sammuu keenya keessatti hiika ykn tajaajila waan tokko bakka bu'e waan ta'eef , dubbachuus , dubbisuus hin dandeenyu . Kanaafuu , hayyoonni xiinqooqaa " Morpheme is a mental abstruction or mental image , '' jechuudhaan ibsu Wardough (1977) , Fromkin (2003) finch ( 2005). Gaaffii ijoon dhimma kanarratti ka'uu qabu " erga dhamjechi dhimma sammuu ykn waan yaadaan jiru ta'ee inni dubbifnuu fi barreessinu kun maal ? '' isa jedhudha.

Dhamasagni tokko dhimma sammuu waan ta'eef , kan dubbii fi barreeffamarratti mula'atu firsaga isaatiin kan jedhudha. Akkuma kana dhamjechi tokkos fira ittiin ba'ee mul'atu qaba. Firri dhamjechaa kun firjecha jedhama . Addunyaan , finch (2005: 100-1) wabeeffachuun yoo ibsu " Allomorphes are the physical realization of morphemes , '' jechuun firjechaaf hiika yoo kennu , O' Grady (1996: 114) ammo , "Allomorphes are variant forms of a morpheme , '' jechuun hiikuu yaala.

Yaada hayyoota kanaan oliirraa kan hubannu , dhamjechi dhimma sammuu ta'uu isaa fi firjechaan dubbii fi barreeffamaratti mul'achuu isaati . Dhamjechi tokko yoo xiqqaate fira mataa isaa waan ta'eef dhamjechi firjecha dhabe hin jiru . Dhamjechi tokkos firjecha tokkoo oliin dhugoomuu danda'a.Jechoonni kun dhamjechota {- oota , - ota ,} fudhachuun heddumina agarsiisu. Maalummaa dhamjechaa ilaalchisee, Rabbirraa (2009: 54) akka ibsetti, " xiinlatiin damee xiinqooqaa ta'ee kan waa'ee uumamaa fi caasaa / unkaa keessa jechootaa qo'atu dha. Unkaa fi hiikni jecha tokkoo sammuu nama afaan sana dubbatu keessatti galmeeffamee argama . Hiika kanarraa maalummaa latii hubachuun ni danda'ama .Latiin qaama afaanii xiqqaa hiika qabeessa ta'e dha . Latiin unkaa xiqqaa dhaamsa tokko qofaa qabu ta'ee unkaawaan hiika qaban birootti caccabuu kan hin dandeenye dha . Kanaafuu

dhamjechi (latiin) qaama afanii isa baay’ee xiqqaa dha ’’ jechuun ibsa.Dabalataanis, hayyuun Afaanii philosopher Johann wolfgang von Goethe yammuu ibsu

“Amajor way in which morphologist investigate words,their internal structure and how they are formed is through the identification and study of morphemes,often defined as the smallest linguistics pieces with agrammatical function.This definition is not meant to include all morphemes,but it is the usual one and agood starting point.Amorpheme may consists of aword such as hand or a meaningful piece of aword such as the-ed of looked,that can not be divided in to smaller meaningful parts”.

Akka yaada kanaatti karaaleen gurguddoon hayyoonni jechoota ittiin qoratan caasaalee keessoo isaanii,akkaataa uumama isaanii addaan baasuudhaan jechoota qoratu.Akkasumas,yeroo hunda caasaa afaanii xixxiqoof faayidaalee seerluugaa fi hiikoo kan kennudha.Hiikoon kunis immoo caasaa afaanii hunda kan of keessatti hin qabanne dha.Garuu yeroo baayyee xiinqoqaaf ka’umsa gaariidha.Dhamjechi jechoota kan inni of keessatti qabachuu danda’u caasaa afaanii xixiqqoo hiika guutuu kennan akka maxxantuu ta’anii of danda’anii dhaabachuu hindandeenye of keessatti haammatudha.kanjedhudha.

## 2.3. Akaakuuwwan Dhamjechootaa (Types of morphemes)

Afaan Oromoo keessatti akkuma kan afaanota biroo , dhamjechoonni bakka garaagaraatti qoodamuu danda’u . Bu’uurri qooddi kanaas , irra caalaa tajaajila , unkaa fi qabiyyee isaaniitin. Haaluma kanaan qabiyyee isaanii irratti hundaa’uun dhamjecha walabaa fi ( free morpheme) dhamjecha hirkataa (bound morpheme) jechuun bakka gurguddaa lamatti qoonna . Hirkatanii ykn walaba ta’anii argamuun dhamjechootaa afaanirratti hundaa’a . Dhamjechi afaan tokko keessatti walabaa , afaan biraa keessatti immoo hirkataa ta’uu mala ( Haspelmath 2002 , Bauer1988). Dhamjechoonni kunis qooddiiwwan gooree garagaraa of jalaa qabu Addunyaa, (2011: 92) .

### 2.3.1. Dhamjecha walabaa

Akaakuun dhamjechaa kun of danda’ee dhaabachuu isaatiin warra kaan irra adda ta’a.Abarraafi kaawwan(1998:38) yaada kana yoo ibsan,”latiin(dhamjechi)walabni qofaa isaa kan dhaabatu ta’ee,latiile tokkoo ol kan of keessaa qabu taanaan latii wal- xaxaa,tokko qofa qabaannaan immoo

latii qeenxee jedhama jedhu.”Haata’u malee yaadni kun yaad-rimeen dhamjecharraa kaatee jira.Qabanni isaa,dhamjechi ykn latiin dhamjecha tokkoo ol qabu hinjiru.

Dhamjecha tokkoo olitti addaanqoodamuu kan danda’u jecha malee dhamjecha ta’uu hindanda’u jechuudha.Kanaafuu yaad-rimee jechaafi dhamjechaa addaan baafachuun rakkoo akkasiitiif furmaata ta’a.Haaluma walfakkaatuun akaakuun dhamjechoota walabaa of danda’ani kan dhaabattan yoo ta’u, unkaalee tajaajila garaagaraa agarsiisanitti addaan qoodamuu kanneen hindandeenyeefi unka tokko qofaan kanneen dhiyaatanidha.”Free morphemes is a morpheme which can stand by themselves as single words.”(Yule1996;Abarraa fi kaawwan,1980;O’Grady,1996;Bauer,2003)

Dabalataanis Maartaan,(2006:7) yoo ibsituu” dhamjechi walabaa qofaa isaa dhaabbatee jecha hiika kennudha”jechuun ibsiti.Fakkeenyaaf:jecha karaa,kunfi k.k.f dhamjechoota walabaati.Dhamjechoonni kun ofdanda’anii kan dhaabbataniif hiika mataa isaanii waan qabaniif dhamjecha walabaa ta’u.

Afaan Oromoo keessatti dhamjechi walabni bakka lamatti qoodamuun ilaalamuu danda’a.Isaanis: dhamjecha hiikaafi(lexical morpheme),dhamjecha tajaajilaa (functional morpheme) jedhamu.

**A. Dhamjecha hiikaa**

Akaakuun dhamjecha kanaa walaba ta’ee, qabiyyee mataa isaanii kanneen qaban of keessatti haammata.Dhamjechoonni akkasii kun afaanicha keessatti kanneen bakka aantima(object position) qabataniin walfakkaatu.Fakkeenya kanaa gadiin haa ilaalu.

A.nama, farada, muka

B.namni, fardi, mukni

C.sangaa, horii, mataa

D.sangaan, horiin, mataan.Addunyaa (2020:93-94)

Jechoonni (afic) jalaa bakka raawwatamaa jiru.Yeroo bakka mathimaa dhufan garuu bifni isaani nijijjiirama.Uunkaalee (bfid) jalaa qabaatu jechuudha.Jechoonni (a) jalaa mathima mul’istoota yeroo fufatan {-a}ofirraa haqu.Kanneen (c) jalaa garuu akkuma jirutti ta’uun {-

n}dabalatu.Kanaafuu bakka mathimaa jiraachuu isaanii {-nfi -i}’n yoo mul’isan bakka antimaa jiraachuu isaanii immoo {-a fi @}’n bakka buusuu dandeenya.Egaa qabxiin guddaan asitti kaasaa jirru walabummaa dhamjechaa maal akka ta’e hubachuuf.Fakkenya olitti dhiyaatan keessatti{-a}’n hundee jechaa {nam-,fard-,fi muk-}jedhan bifa of danda’aa tokko (citation form) akka qabaatan taasistee jirti.Itti dabalees,maayii antima kallatti (accusative case marker) taatee galte.Kanaafuu,hiika tokkoo ol qabaachiste jechuudha.Kun ammo walabummaa dhabsiise.

Jechoonni (c) jalaa bakka aantimaa jiraachuun isaanii osoo nutti beekamuu,dhamjecha ittiin ibisinu waan hinqabneef,mallattoo{@}kanaan agarsiisuu yaalle.Tarii warri akkasii kun qabiyyee mataa isaanii qabaachuufi of danda’anii dhaabachuu akkasumas,uunkaalee hiika tokkoo ol qabanitti addaan mummuramuu waan hindandeenyeef,dhamjecha hiikaa jala galchuu dandeenya(Addunyaa,2020:93).

**B . Dhamjecha Tajaajilaa**

Akkuma dhamjecha hiikaa,of danda’ee kan dhaabbatudha.Kan adda taasisu garuu,hiika ykn qabiyyee mataa isaanii dhabuufi tajaajila tokkoof dhaabbachuudha.Kanaaf ammoo,murteessitoonni kun,sun,sana,kana,jedhaniifi durduubeewwan irra,jala,keessaafi wkf.akka fakkeenyaatti dhiyaachuu danda’u.(Adduunyaa,2020:94).

### 2.3.2. Dhamjecha Hirkataa

Akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda’amu , akaakuun dhamjecha kanaa of danda’ee hin dhaabbatu . Afaan Oromoo keessatti dhamjecha hirkataa qabiyyeerratti hundaa’uun hundee hirkataa fi ( bound root ) fufii (affix) jechuun bakka lamatti qooduu dandeenya Addunyaa (2013 : 13)

**A. Hundee Hirkataa**

Hundeen qaama jechaa kan erga fufiileen irraa haqamanii argamu. Afaan Oromoo keessatti hundeen jechootaa baay’een isaanii of danda’anii hin argaman .Hundeen jechaa (Root word) jechuun qaama jechaa kan dhamjecha ofitti hinmaxxanfanne ykn handhuura hiika jechaati.Mc Graw Hill (2000:318),”Hundeen jechaa qaama murteessaa bu’uura hiika baatuufi ofdanda’ee dhaabatu;fufilee yaasaafi hortee fufachuuf dhamjecha banaa ta’edha.”jechuun lafa ka’a.

Fkn, - saree = { sar-}

- Diimaa = {diim -}
- Bare = {bar -} Addunyaa (2013: 13)

Hundeewwan jechoota fakkeenya keessatti ibsaman hirkatoo dha. kanaafuu , Afaan oromoo keessatti hundeen jechootaa baay'een isaanii dhamjecha hirkataa jalatti ramadamuu danda'u jechuun Addunyaan ibseera.

**B .Fufii**

Fufiin gosa dhamjecha hirkataa ta'ee, qaamolee jechaatti fufamuun hiika kan jijjiiru ykn tajaajila caasluga adda addaatiif kan ooludha . Fufiin kuniis akaakuu adda addaa qaba . Akaakuu kanas akka kanaan gadiitti ibsina .

### 2.3.3. Akaakuu Fufii

Fufiilee Afaan Oromoo bu'uuraalee garaagaraatiin bakka garaagaraatti qooduun xiinxaluu dandeenya. Bu'uurri qoddii kanaas inni tokko tajaajila isaanii , qabiyyee isaanii fi bu'uura bakka argamaatiin iddoo adda addaatti qoodamu .

#### 2.3.3.1. Bu'uura Tajaajilaatiin

Fufiileen Afaan oromoo tajaajila isaaniirratti hundaa'uun warra tajaajila caaslugaa dabalanii fi warra tajaajila garee jechaa ykn hiika jijjiran jechuun bakka lamatti qooduu dandeenya. Bu'uura kanaanis , fufiilee yaasaa fi ( derivational affixes) fufiilee hortee (inflectional affixes) jedhamu . Fufii tokkoon hortee ykn yaasaa jechuuf bu'uurri inni guddaan tajaajila isaaniiti jechuudha . Addunyaa, (2011: 14)

**A. Fufii yaasaa**

Addunyaa, ( 2011: 14) Fufii yaasaa garee ykn hiika jechaa jijjiruuf qaama jechaatti fufamu. Fufiin kun hortee waliin argame,hundee jechaatti ykn walitti aanuun argamu.Adeemsa fufannaa (Affixation process)keessatti si'a tokko fufiin yaasaa tokko qaama jecharra gallaan fufiilee yaasaa kanneen biro fi fufiilee hortee dabalachuuf qophaa'aa ta'a.Dhamjechoota kana gochimeessitoota (verbalizers) ,maqeessitoota (nominalizers),fi maqibseessitoota (adjectivizers) jechuun gareetti qooduun fakkeenya fudhanne ilaala.Addunyaa,(2020:98)

Dabalataanis,Abarraafi Kaawan (1995:47) dhamjechoota yaasaa(uumamtee) yemmuu ibsan dhamjechooni yaasaa wixina ykn wiillaa jecha tokkoo irratti dabalamuudhaan jecha biraa tolchu jechuun ibsu.

**Gabatee Dhamjechoota yaasaa (uumamtee)**

| **T/L** | **Jecha** | **Hundee** | **Dhamjecha uumamtee** | **Jecha uumamtee(maqeesitootaan)** |
|---|---|---|---|---|
| 1<br>2 | Ijaare<br>Gadhee | Ijaar-<br>Gadh- | -sa<br>-ummaa | Ijaarsa<br>Gadhummaa |
| 3 | Fure | Fur- | -maata | Furmaata |
| 4 | Ibse | Ibs- | -a | Ibsa |
| | | | | Jecha uumamtee(maqibsitootaan) |
| 5 | bareede | Bar- | -tuu/duu | Bareedtuu/bareedduu |
| 6 | Cime | Cim- | -aa | Cimaa |
| | | | | Jecha uumamtee(gochimeessitootaan) |
| 7 | Bare | Bar- | -siis- | Barsiise |
| 8 | Bare | Bar- | -am- | Barame |
| 9 | Horsiise | Hor- | -siis- | Horsiise |

**F**akkeenya gabatee kana keessa jiru akka hubannuutti {-sa,-ummaa,-maata,-a}’n maqeessitoota;{-tuu,-aa}’n maqibsitoota yoo ta’an,{-siis-,-am}’n ammo gochimeessitoota jalatti ramadamu.Gareen jechaa isaan uumanis :maqaa,maqibsaafi gochima ta’u.Addunyaa (2020:98)

**B.Fufii Hortee**

Fufii horteen akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee tajaajilaa caaslugaa agarsiisuuf hundee ykn bu'uura jechaatti kan maxxanuu dha.Tajaajilli caaslugaa kanneenis koorniyaa (gender),ramaddii (person),maayii (case),haala raawwii (aspect),lakkoofsa (number),ennaa(tense) w.k.f fa'i.Tajaajilli kun ammo gareewwan jechootaa garaagaraatti argamuun waltahiinsa matimaa fi garee jechootaa kanneen biroo mirkanneessu.Addunyaa(2011:15) Dhamjechootni hortee dhamjechoota tajaajila seerlugaaf garee jechootaa adda addaatti maxxanaani dha.(Mitikkuu fiTashoomee,1992:28-31) Faayidaa dhamjechootni kanneen caasaa barnootaa Afaan Oromoo keessatti qaban hedduu dha. Harmer (1987:10)" It is clear that when we introduce an new piece of grammer we must teach not only the form, but also one of its function '' jedha.Kana jechuun caasaa haaraa tokko yommuu jennu kan barsiifamuu qabu unka qofa osoo hin tahiin, tajaajila hiika unki afaanii sun qabu jechuu dha.

Addunyaa (2011:96) ibsettis ,"Dhamjechi horteen tajaajila caaslugaa (grammatical function) kanneen akka koorniyaa (Kormaa fi Naayee),ramaddii (1$^{ffaa}$,2$^{ffaa}$ fi 3$^{ffaa),}$maayii (maayii matimaa,maayii antimaa,maayii meeshaa fi k.k.f.haala raawwii (kan raawwatee fi kan hin raawwatiin) ilaalcha (iyyaafataa,ajajaa,beeksiisaa fi k.k.f),lakkoofsa (hedduminaa fi qeenxummaa) fi k.k.f agarsiisuuf jecha ykn hundee jechaatti fufamu.

**Gabatee Dhamjechoota hortee tajaajila adda addaaf oolan akka fakkenyaatti ilaalla.**

| Jecha | Hundee | dhamjecha | saala | maayii | Haala raawwii | Lakkoofsa | Aantima kallatti |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Diimtuu | Diim- | Tuu- | dhalaa | | | | |
| Namicha | Nam- | -icha | Dhiira | | | | |
| Fardaan | Fard- | -a-an | | meeshaa | | | -a |
| Gaangeedhaan | Gaangee | -dhaan | | meeshaa | | | |
| Hoolota | Hool- | -ota | | | | Heddumina | |
| Jabiilee | Jab- | -lee | | | | Heddumina | |
| Deeme | Deem- | -e | | | Kan raawwate | | |
| Deemaa | Deem- | -aa | | | Ajajaa | | |
| Gali | Gal- | -i | | | Ajaja | | |
| Galuuf | Gal- | -uuf | | | Kan hinraawatamne | | |

**Garaagarummaa Dhamjechoota Horteefi Uumamtee**

Dhamjechoonni horteefi uumamteen xiinjecha keessatti tajaajila garaa garaa kennu.Dhamjechoonni horteen adeemsa fufannaa keessatti gudunfaa jecha tokkooti.Dhuma jechoota dhamjechoota uumamtee ofirraa qabaniis ta'ee hundee jechaatti aanee galuun sana booda dhamjechoota biroo akka hinfufanne taasisa.Tajaajila caaslugaatiif oola.Addunyaa (2020:99)

Dhamjechoonni uumamteen dhamjechoota hortee dura ykn hundeetti aanee gala.Garee jechaa ykn hiika jechaa jijjiira.Addunyaa (2020:99). Akka Kirsten (1998) jedhuttis, dhamjechoonni uumamtee garee jechootaa qofa osoo hintaane hiika isaas jijjiiruu danda'u.Fkn.bare=barsiise kan jedhu {-siis-} uumamtee yemmuu taatu gochima gara gochimeesituu (raawwachiisa)ti jijjiirti.Walumaa galatti dhamjechi uumamteen dhamjechoota hortee dura ykn hundeetti aanee galuun garee jechaa ykn hiika jijjiiru jechuudha.

### 2.3.3.2..Bu'uura Bakkaatiin

Akka Mirreessan,(2014:43) ibsetti "Dhamjechi (latiileen) danooma ykn baayina mul'isu haala jecharratti hirkatee galuun barreesitoonni hedduun fufii duraa,gidduufi boodaa jechuun qoodu.Ani garuu qooqa oromoo keessatti fufii seeraan mul'atu maxxantuu boodaa qofa ta'uu isaati.Kana malees,fuuluma kana irratti "Fufii gidduu ilaalchisee hanga yoonaa wanti argame hinjiru.Fufiin duraas,hanga yoonaa gama qooqa oromoon fakkeenya hedduutu laatamee ture"jechuun lafa ka'a.Yaada hayyuu kana irraa wanti hubannu fufii duraafi boodaa akka hinjirre nu hubachiisa.

Gama biraatiin dhamjechootni afaan tokko keessatti argaman bakka argama isaanii irratti hunda'uun akaakuu garaagaraa qabachuu danda'u.Bakki argama isaanis fufii duree,fufii boodaa fi fufii naannee jechuun bakka 3tti qoodamu.Dhamjechootni kunniin dura,boodaa , duraa fi boodatti (aluma tokkichatti duraa fi booda) jechootaatti maxxanuun tajaajila seerlugaaf kan oolaniifi hiika ykn garee jechaa jijjiiranii dha (Mathew,1991:Haspel maths,2002).

Yaaduma kana kan deeggaru Addunyaan,(2011:16-17) yoo ibsu,"Afaan Oromoo keessatti bakka argama isaanii irratti hundaa'uun fufii duree,fufii duubeefi fufii naannee jechuun qooduu dandeenya"jechuun ibsa.

**A.Fufii Duree**

Fufii dureen, jecha ykn qaama jechaatti fufamuun argama.Afaan Oromoo keessatti akaakuun fufilee kanaa hiika jijjiiruu keessatti qooda fudhata.Fufiin duree birsaga tokko yookiin tokkoo ol kan qabu ta'ee,hundee jechaa dursee galuudhaan hiika hundee jechaa kan jijjiiru ykn dabaludha"jedha.Geetaachoo(2009:61:Addunyaa,2011:17)

Fkn:-<u>Wal</u>argan

-<u>al</u>tokko

-<u>ali</u>dilee. Rabbirraa (2009:61) fakkeenya kana keessatti dhamjechootni jala sararamaan fufilee duree dha.

**B.Fufii Naannee**

Fufii naanneen si'a tokkicha duraa fi duuba jecha tokkoo galuun tajaajila tokkoof dhaabachuu dhamjechootaa bu'uureffata . Fufii kana ilaalchisee Haspelmaths ( 2002: 28) akka kanaan gadiitti ibsa .

Curcumfixes are a special of a more general phenomenon whereby two or more affixes act together to prouide a meaning which neither can have in solution . in some cases , aprefix and a supfix act together to surround a base . it neither of these affixies is used on its own and the two seem to realize a single morpheme , they are some times classed together as a curcumfix .

Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu , fufiileen lamaa fi isaa ol duraa fi booda jecha tokkotti maxxanuun ykn hirkachuun tajaajila tokkoof yoo dhaabbatan akkasumas , fufiin okko qofaa isaa tajaajila sanaaf ooluurratti hanquu yoo ta'e , duraafi boodatti fayyadamuun dhimma itti baana yaada jedhu qaba. Addunyaa (2011: 19) hayyuu kana wabeeffachuun ibsa .

Fkn - Diddimoo = di – diim – oo

- Hin dhufne = hin – dhuf – n – e

Fakkeenya kanarraa kan hubannu dhamjechoota jalqabaa fi booda irratti jala sararaman fufii naannee ta'uu ibsu .

**C. Fufii Boodaa**

Addunyaa, 2011: 20) . Akaakuu fufii kanaa duuba hundee jechaa galuun tajaajila caaslugaatiifis ta'ee tajaajila hiika jijjiiruutiif oola . Afaan Oromoo keessatti fufiilee kanneen birootiin wal-cina qabne yoo ilaalle , fufii duubeen baayiinaan argamu.Fufiin boodaa kunis,birsaga tokko yookiin tokkoo ol kan qabu ta'ee,hundee jechaa booda galuun hiika jechaa kan dabalu yookiin jijjiirudha.Fufiin kunis,hiika mataa ishee kan qabdudha.Mc Dougal,little (1989:338).

Fkn - meeshaalee

-saawwan

-gabaabduu. Rabbirraa (2009:62)

Fakkeenya armaan oliitti kan jala muraman fufii boodaati.

## 2.4. Qabiyyee Isaan Qaban Irratti Hundaa'uun

Dhamjechoonni afaan tokko keessatti argaman qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun dhamjecha dhokoteefi dhamjecha tajaajila tokkee jechuun qoodamu.Akaakuun dhamjechoota kanaa Afaan Oromoo keessattis ni mul'atu (Abarraafi Kaawwan,1998)

### 2.4.1. Dhamjecha Dhokatee

Addunyaa,(2020:100) irratti akka ibseetti "Akkuma dhamjechi tokko uunkaan mul'atee tajaajilaan dhabamu,kaan ammo tajaajilli isaa beekamee uunki xiinqoqaa bakka bu'u tokko dhiba.Kanaafuu dhamjechi tokko hiikaan mul'atee uunkaan yoo dhokate dhamjecha dhokatee jedhama"jedha.

Akaakuun dhamjechoota kanaa tajaajilli isaanii jecha tokko keessatti akka dhamjechoota biro ifa ta'anii hinmul'atan.Haata'u malee jiraachuufi dhabamuun isaanii hiika jechaas ta'ee, himaa nijijjiiru.

Fkn. A.bishaan

B.midhaan

C.ilkaan

D.gale Addunyaa (2020:100)

Jechoonni kunneen hima keessatti mathima ykn aantima mul'istuu isaan fufatan hin beekamu waan ta'eef, dhamjecha dhokateen bakka bu'a. Jechi' gale' jedhu yoo ilaallee, ramaddii 3ffaa fi qeenxee ta'uun yoo hubatameyyuu dhamjecha isa kamtu akka mul'isee wanti addaan ba'ee unkaan mul'atu hinjiru waan ta'eef,dhamjecha dhokoteen agarsiifama.(Abarraafi Kaawwan,1998;Matthews,1991)

**2.4.2..Dhamjecha Tajaajil Tokkee**

Akaakuun dhamjecha hirkataa kanaa immoo kanneen unkaan garaagara ta'anii tajaajila tokkoof dhaabatanidha**.**Fkn. Kitaabilee, namoota, saawwan, fardeen**.**Addunyaa (2020:101)

Dhamjechoonni jala sararaman unka adda addaa yoo qabaataniyyuu tajaajila tokkoof kan dhaabbatanidha.Kanaafuu dhamjechoonni unkaalee adda addaa qabaatanii tajaajila tokkoof ykn.hiika walfakkaatuuf afaan tokko keessatti dhiyaatanii argaman dhamjechoota tajaajil tokkee ta'u.(Gragg,1976;Abdulsamad,1994;Catherine,2001)

Walumaa galatti jechi hiika qabeessa, dhaabbataadha, hiika tokkoo ol qabaachuu danda'a,unkaawwan hiika qaban birootti caccabuu kan danda'uudha.Dhamjechi garuu hiika tokko qofaa kanqabu,dhaabataa ykn hirkataa kan ta'e fi unkaawwan hiika qaban birootti caccabuu kan hindandeenyedha

## 2.5. Qorannoo Walfakkii

Kutaa kana keessatti qorannoowwan dhamjechoota hirkatoo waliin walitti dhufeenya qabantu sakkata'amee dhiyaate.Yaada kana ilaalchisee Addunyaan,(2011) akka ibsetti qorataan tokkoo qorannoo isaa geggeessuun dura dhimmoota akka walii galaatti mata duricharratti hojjetaman xiinxaluu akka qabu ibsa.Xiinxalli kunis dhimmoota dimshaashaafi calla walqabsiisuun hidhata jiru agarsiisuun ilaalcha addunyawaa gonfachiisa.Karaa biraatinis,hojjiwwan kallattiin dhimmicha irratti hojjetaman sakkata'uun bakka qaawwi jiru addaan baasee furmaata dhimmichaaf qorannoon isaa akka gaggeeffamaa jiru agarsiisa.

Qorattuunis,qorannoo ishee gaggeessuun dura hojiilee qorannoo kanaa waliin walitti dhufeenya qaban sakkataatee jirti. Innis: qorataa Duulaa (2008) Yuunivarsiitii Finfinneettii mata duree qaaccessa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12ffaa jedhu irratti kan adeemsise yoo ta'u, kaayyoo qorannoo kanaas: qaacceessa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12ffaa bara 2005 qophaa'e keessatti faayidaa fi akaakuu dhamjechootaa akkamitti akka dhiyaatanii jiran; hanqinaalee gama kanaan mul'atan adda baasuufi akkkamitti akka dhiyaachuu qabu fi furmaata isaa waliin dhiyeesseera.

Adeemsi qorannoo kanaas,qorannoo akkamtaan kan dhiyaatedha.Argannoon isaas,kitaabicha keessatti faayidaan dhamjechootaa hin ibsamin hafuu,akaakuun dhamjechootaa bifa walfakkaataa ta'een qoodee dhiyeessuu hafuu kan jedhudha. Yaadni furmaataa argannoo kanaaf

ibsamees,faayidaan dhamjechoonni Afaan Oromoo caasaa afaanichaa karaa saayinsawaa ta'een guddisuu keessatti qaban murteessaa waan ta'eef qopheessitoonni sirna barnootaa caasaa dhamjechootaa jecha keessatti argaman adda baasanii hiika isaanii waliin kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun gaarii akka ta'e ibseera.Kana malees,akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo walabaafi hirkataatti qoodamuun kitaaba barataa keessatti dhiyaachuu akka qabu ibseera.Qorattuun qo'annoo kanaas xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa xiinxaluu yemmu ta'u,qorannoo kanarraa adda kan taasisu xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkatoo barattoota irratti kan xiyyeeffatedha.

Akkasumas Dassaaleyn (2019)Yuunivarsiitii Finfinne mata duree'Qaacceessa dhiyyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan oromoo kutaa 10ffaa fi 11ffaa bara 2005 qophaa'an irratti kan geggeesse yemmu ta'u;kaayyoon qorannoo kanaas,dhiyaanna dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa fi 11ffaa bara 2005 qophaa'an keessatti unkaan,tajaajilaafi bakka galumsaan maal akka fakaatan qaacceessuun akkaataa itti dhiyaachuu qaban yaada furmaataa waliin dhiyeessuudha.Gosoota qorannoo ibsaatti kan gargaarame yemmuu ta'u,ragaalee qorannoo kanaaf walitti qabame immoo mala qorannoo akkamtaatti kan gargaaramedha.

Argannoon qorannoo kanaa kutaa lachuu keessatii dhamjechoonni akkaataa akaakuu isaaniitiin qofa qofaatti ibsamuu hafuu,kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhamjechoonni tajaajila isaaniifi akaakuu bakka galumsaan takkaatti mata duree tokkoon waliin makee makee dhiyeessuu,kutaa 10ffaa keessatti dhamjechoonni bakka galumsaan bakka sadiitti jedhamanii ramadamuu osoo qabanuu bakka lama qofaatti akka jiran ibsuu kan jedhudha.

Furmaatni argannoo kanaas, kitaabilee hunda keessatti qoqqoddiin dhamjechoota hirkatoo akka hubatamuu danda'anitti fakkeenyii fi ibsi ga'aan dhiyaachuu qaba;Dhamjechoonni bakka galumsa irratti hundaa'uun fufii duree,fufii boodaafi fufii naannee jechuun bakka beekamoo sadiitti qooduun dhiyeessuu qaba kan jedhu ibseera.

Walumaa galatti mata dureen kun lamaanu dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa fi 11ffaa haala dhiyaanna qabiyyee yemmuu ta'u,mata dureen qorannoo kanaas,xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkatoo Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa irratti kan bu'uureeffatedha.

## 2.6. Yaadiddama  Qoranichaa

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkataa barattoota kutaa 11ffaa irratti kan bu’uureffatedha.Yaaxinni qorannoo kanaas ’Yaaxina caaseffamaati.Akka Chomesky(1965:163) irratti ibsetti “Yaaxinni caaseffamaa seeraafi caasaa afaanii ibsuu irratti xiyyeffata”jedha

Gama biraatiin Fileen,(2019:29) irratti Qorataan Beekumtaa (*folklore*) Dorson ( 1972) wabeeffachuun akka ibsetti” Yaadidama kana kan maddisiise nama Levis-Strauss jedhamu yommuu ta’u, kunis caasaa af-seenaa gootota (Heroic narrative) oduuwwan ga’ee goototaa,afoollan biroo fi meeshaalee aadaa haala qindoomina qabuun qorachuuf bu’uura” akka ta’e addeessee jira. Kanaaf qorannoo kunis, caasaa qabiyyee dhamjechoota hirkatoo akaakuu isaaniitiin tajaajila isaan jechoota irratti maxxanuun kennan, jechoota irratti bakka kamitti akka argaman caasaa( unkaa) afaan sun eeyyameen dandeettiin barattootaa waan ittiin xiinxalameef yaaxina kana fayyadameera.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QO'ANNOO

## 3.1. Saxaxa Qo'annoo

Qorannoon kun mala qorannoo wal makaatti gargaaramuun kan gaggeeffamedha. Addunyaan (2011: 60) akka ibsutti " mala akkamtaafi ammamtaa qorannoo tokko keessatti dhimma ba'uun mala tokko qofaatti dhimma ba'uurraa hubannoo cimaa barbaada.Bu'aan adeemsa kanaan argamus,isa odeeffanno akaakuu tokkorraa argamurraa guulaadha.''jechuun ibsa. Kunis kan ta'uu dande'eef tooftaan qorannoo mala walmakaa Odeeffannoo malleen qorannoo ammamtaafi akkamtaa waan of keessatti qabuufidha.Akkasumas ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuun xiinxaluuf gumaacha olaanaa qaba.Kana malees,mala makaa fayyadamuun hanqina mala tokko malli biraa hanbisuu waan danda'uufidha.Rakkinicha gadi fageenyaan akka hubatamuuf gargaara.(creswel 2009). Qorattuun tooftaa qorannoo kanaa gargaaramuun odeeffannoo jechootaafi lakkoofsaan funaanuun kan xiinxalamedha.Sababni isaas , kaayyoon qorannichaa xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo kutaa 11[ffaa] Hurrumu sadarkaa 2[ffaa] fi sonxaa sadarkaa 2[ffaa] sakatta'uun adda baasuudha.Dabalataanis,mata dure qorrannoo kanaatiif haala qabatamaan qorrannichi itti gaggeefamee mijataa waan ta'eef. Dornyei ( 2007 : 163)Yaaduma kana kan deeggaru"A mixed methods study involves the collection or analaysis of both quantitive and qualitative data in a single study with some attempts to integrate the two approaches at one or more stages of the stages process . In other words , mixed methods research involves the mixing of qualitative and quantative research methody ''Yaada hayyuu kanaa yoo ilaallu tooftaan qorannoo walmakaa adeemsa qorannoo ykn xiinxala ragaalee akkamtaafi ammamtaa kallattii qorannoo tokkoo keessatti sadarkaa tokko ykn kanaa oliin walitti dabaluuf yaaluu kan of keessatti qabateedha.kanuma bu'uureffachuun qorattuunis mala qorannoo ibsaa fi ammamtaa fayyadamuun qorannoo ishee gaggeessiteetti.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatama qo'anichaa ilaalchiisee, Addunyaa ( 2011: 64) akkas jedha " Qorannoon tokko irraawwatama qaba . kunis namootaa fi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuuf, 'kan irratti raawwatame' gaalee jedhurraa adeemsa suphuutiin uumame '' jechuun ibsa. Kanuma bu'uureeffachuun qorannoon kun kan gaggeeffame barattoota kutaa 11[ffaa] mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2[ffaa] fi sonxaa sadarkaa 2[ffaa] barnoota isaanii hordofaa

jiran irratti. Sababa barattoota kutaa 11ffaa filatamanis mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2^ffaa^ fi Sonxaa sadarkaa 2^ffaa^ kutaa 9^ffaa^ hanga kutaa 12^ffaa^ kan baratan hedduu waan ta'aniif barattoota kanneen hunda irratti hojjechuun ulfaataa waan ta'uuf.Kana malees,barattoonni kutaa 10^ffaa^ gara kutaa 11^ffaa^tti ce'anuu Afaan Oromoo fi Afaan Amaariffaa filachuun waan barataniif dandeettii isaanii adda baafachuufidha.Kanumarraa ka'uun bajataafi humna namaa gidduu galeessa godhachuudhaan qorrattuun kutaa 11ffaa irratti akka xiyyeeffattu taasiseera.

## 3.3. Madda Odeeffannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf madda ragaa odeeffannoon irraa fudhatan barbaachisaadha.Filen (2019:62) akka ibsetti "mata duree qorannoo tokkoofis maddeen ragaalee kanneen keessaa filachuudhaaf murteessaan ka'umsa qorannoo,gaaffilee bu'uuraa fi kaayyoolee qorannoo ,akkasumas,malleen qaacceessa ragaalee ti'' jechuun ibsa.Bu'uuruma kanaan qorattuun adeemsa qorannoo ishee milkeessuuf madda ragaalee kanneen ta'an: jechuunis barattoota mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2^ffaa^ kutaa 11^ffaa^ fi mana barumsa sonxaa sadarkaa 2^ffaa^ kutaa 11^ffaa^ akkasumas barsiisota Afaan Oromoo kutaa 11^ffaa^fi 10^ffaa^ barsiisan akka madda ragaa 1^ffaa^tti gargaaramteetti. Madda raga 2^ffaa^tti immo sakkata'a dokimeentii gargaaramuun kan sakkata'amedha.

## 3.4. Mala IddatteessuuFi Iddattoo Qorannichaa

Iddatteessuun hirmaattoota walii galaa keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an filachuun barbaachisaadha. Haala yeroo fi baajata irratti bu'uureffachuun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo adda baafachuun iddattoo bakka bu'u murteessuudha. Bu'uuruma kanaan malli mijataan iddattoo carraa gargaaramuudhaan . Fileen(2019:67) akka ibsutti ' tooftaan iddatteessuu carraa kana keessatti jamaa jiran keessaa tooftaalee adda addaa itti fayyadamuudhaan oduu himtoota filachuu '' jechuun ibsa. Qorattuunis sababa carraa filachuun barbaachiseef barattoota mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2^ffaa^ kutaa 11^ffaa^ dhi 246, dha 265 ida'ama 511 yoo ta'u,mana barumsaa Sonxaa sadarkaa 2^ffaa^ dhi 46 dhalaa 50 ida'ama 96

Walumaa galattii dhiira 292 dhalaa 315 ida'ama 607 irraa odeeffannoon sassaabachuun waan hindanda'amneef haala humna namaa fi bajata bu'urreeffachuun barattoota jiran keessaa 122 yoo ta'an % 20rraa odeeffannoo sassaabameera.

## 3. 5. Tooftaa Funaansa Ragaalee

Galma ga’insa qorannoo tokkof qorataan mala odeeffannoo ittin sassaabu addaan baasee beekuun barbaachisaa dha . Galma ga’insa qorannoo kanaaafis mala qormaata, sakatta’a dookimentiifi af-gaaffii barsiisotaa akka mala mijataatti kan filatamedha.

### 3.5.1. Qormaata

Tooftaan ragaa ittiin funaaname keessaa tokko qormaata. Kanumaan walqabatee Dastaan ( 2013) , yaalew ( 2006) wabeeffachuun akka ibsetti “ Qormaata jechuun gaaffiwwan murta’an haala wal fakkaatuun qophaa’uun amalaa fi dandeettii barattootaa ilaalchisee ragaalee funaanachuuf safartu gargaaru dha ’’ jechuun ibseera .Qorattuun adeemsa qorannoo kanaa keessatti milkaa’ina qorannichaatiif dhamjechoota hirkatoo ta’an irratti seera qormaataa eeguun gaaffilee qormaataa qopheessuun dandeetti barattoota dhamjechoota hirkataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa sadarkaa maaliirra akka jiran kan ittiin xiixalamedha..Gaaffileen qormaataaf qophaa’an kunis,marsaa 1ffaa fi 2ffaa dhaan.Marsaa 1ffaa keessatti barattoota iddatteeffaman hunda fayyadamuun kanan qore yemmuu ta’u,marsaa 2ffaatti garuu barattoota bakka lamatti addaan baasuun garee tokko barnoota dabalataa kennuun,garee tokko immoo barnoota dabalataa osoo hin kennamin kan qoramanidha. Sababni isaa sababoonni hanqina dandeettii dhamjechoota hirkataa barattootaa kanaa addaan baasuu waan danda’uufidha. Gaaffileen dandeettii barattoota kanaa ittiin madaaluuf ba’anis,haala qabiyyee kitaaba barataa keessatti dhiyaateefi baratan irratti hundaa’uuni.Qorannichis odeeffannoo qulqulluu ta’e akka irraa argamuuf gaaffii gogaan ykn akaakuu dhamjechoota hirkatoon akka barreessanfi walkeessa makamanii barreeffaman akka addaan baasanii barreessan taasisameera.Bu’uuruma kanaanis,odeeffannoon argame,lakkoofsaafi jechaan kan qaacceffamedha.

A.**Haala Qophii fi Kenniinsa Qormaataa**

Qormaatni barattootaa mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2ffaa fi Sonxaa sadarkaa 2ffaa baratan keessaa kanneen iddattoo fudhatamaniif kenname kan dandeettii dhamjecha hirkatoo barattoota madaaluu danda’utti itti yaadamee kan qophaa’e yammuu ta’u,qormaatichi yeroo qopheeffamee kennamus,qophiin barbaachiisaan taasifameera.Qormaatichis,marsaa tokkoffaa keessatti dhamjechoonni hirkatoon tajaajila raawwii darbe,mathima mul’isu,danummaa,aantima kallatti fi raawwachiisaa kan agarsiisan jechoota lama lama akka barreessaniifi jechoota fufii ofirraa qaban jechuunis:fufii duree afur(4),fufii boodaa sadii(3)fi fufii naannee sadii(3) akka barreessan

taasisameera. Qormaata marsaa lammaffaatti immoo barattoota iddatteessaman qabiyyee walfakkaataa fayyadamuun barattoota bakka lamatti erga qoodamanii booda garee tokko barnoota dabalataa kennuun kan madaalaman yemmuu ta'u,garee tokko immoo barnoota dabalataa osoo hinkennin kan madaalamanidha.Qormaanni kenname kunis,jechoota shan shan fayyadamuun dhamjecha hundee,fufii yaasaafi hortee qaban akka barreessaniifi dhamjechoota fufii yaasaa fi hortee walmakamanii barreeffaman akka addaan baasan kan taasifamedha.Haaluma kanaan dandeettii barattoota kanaa ni madaala jedhamee itti amaname qophaa'ee kennamuun odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu ittiin barattoota irraa funaanameera.

**B.Haala Qormaatichi Itti Sororfamu**

Qormaatni haala dandeettii barattootaa dhamjechoota hirkatoo kutaa 11ffaa xiinxaluuf gargaaruun itti yaadamee erga qophaa'ee booda barattoota iddattoo fudhatamaniin hojjetamee, qajeelfamoota qormaatichi itti qophaa'een barsiisota Afaan Oromoo barsiisan shan fayyadamuun kan sororamedha.

Bu'uuruma kanaan barsiisota qormaaticha sororsaniif kan marsaa jalqabaa deebii akka fakkeenyaatti qabachuun kan barattoonni deebisaniin kan sororame yemmuu ta'u,kan marsaa lammaffaa deebiin qormaatichaa qophaa'uun barsiisota qormaata sororaniif kennamuun akka sororamu ta'eera.

### 3.5.2 Sakatta'a Dokumantii

Tooftaan ragaan ittiin funaaname keessaa inni biraa immoo sakkatta'a dokumantii dha. Malli odeeffannoo kunis kan irratti xiyyeeffate abbaltiiwwan barsiisaan kutaa kanaa dhamjechoota hirkatoo kanneen ta'an irrattii barsiisaa dareetiin kennamee jiru dandeettii barattoota kunneeni maal fakkaata isa jedhuu fi amma isaan argatan adda baasuun kan xiixalamedha.Abbaltiin barsiisaan kenne kunis,garee gareedhaan waan ta'eef barattoota iddatteefaman giddu galeessa godhachuun kan ilaalamedha.Odeeffannoon argame kunis lakkoofsaafi jechaan qaacceeffamani.

### 3.5.3. Af-gaaffii Barsiisotaa

Meeshaan funaansa ragaa kun odeeffannoo baayyee murteessaa ta’e bifa gaaffiitiin jiran qaamota sadarkaa adda addarra jiran irraa rakkoo jiru falasaa barbaaduuf kan gargaarudha.Dastaan (2013:11)”Odeeffannoo af-gaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffannoo kennan gaafachuu isaatini” jedha.Fileen(2019:71) irratti akka ibsetti saxaxa qorannoo adda addaa keessatti,af-gaaffiin bocaan (form) gosa adda addaatiin qophaa’uu akka danda’u Dornyei(2007,ff.122-123)wabeeffachuun ibsee jira.Qorrattuun kunis galma ga’iinsa qorrannoo kanaaf barsiisota kutaa 11ffaafi 10ffaa barsiisan shan(5) irraa odeeffannoo walitti qabachuun mala amargeetti gargaaramteetti.Gaaffileen barsiisota kanaaf qophaa’es,10 yemmuu ta’u af-gaaffii caaseffamaa banootti gargaaramteetti.Haaluma kanaan raga argame kanas jechaan kan ibsamedha.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Kaayyoon qorannoo kanaa hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan oromoo barattoota kutaa 11ffaa Hurrumuu sadarkaa 2ffaa fi Sonxaa sadarkaa 2ffaa sakkata'uun adda baasuu irratti kan xiyyeeffateefi ibsa waliin boqonnaa kana jalatti xiinxalamee kan dhiyaatedha.

Odeeffannoo kanaaf oolu funaannachuuf malli qorannoo akkamtaafi hammamtaatti dhimmi bahamee jira.Haaluma kanaan odeeffannoon qormaata barattootaafi sakkata'a dookumantii qabxii barattoonni galmeessisan gabatee keessatti lakkoofsaan akkasumas gara dhibbeentaatti (%) erga deebi'ee booda jechaan jalatti ibsameera.Af-gaaffiin barsiisota irraa odeeffannoon argames,jechaan ibsamuun xiinxalameera.

## 4.2 Ibsa waa'ee odeef-kennitootaa

Barattoonni mana barumsaa Hurrumuu sad.2ffaa Afaan Oromoo bara kana kutaa 11ffaa baratan keessaa kanneen odeeffannoo kennan dhi 49,dha 53 ida'ama 102 yemmuu ta'anu;Sonxaa sad.2ffaa irraa immoo dhi 9 dha 11 ida'ama 20 kan ta'anidha.Walumaa galatti barattoota 122 kan filatamanidha.Gama biraatiin barsiisonni mana barumsaa Hurrumuu sad.2ffaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisan lama yemmuu ta'an sadarkaan barumsa isaanii digrii lamaffaa(MA) kan qaban yemmuu ta'uu,kutaa 10ffaa keessaa immoo kan fudhataman barsiisota lama dhi 1fi dha 1 sadarkaan barnoota isaanis (BA)kan ta'anidha.Tajaajila barsiisummaatinis waggaa 15-19 barsiisuudhaan muuxxannoo ga'aa kan qabanidha.Dabalataanis barsiisaan mana barumsaa Sonxaa sad.2ffaa barsiisuu tokkoo yemmuu ta'uu,innis sadarkaan barnoota isaa digrii jalqabaa (BA) kan qabuufi tajaajilli barsiisummaa isaas waggaa 5 kan ta'edha.

Walumaagalatti ragaaleen odeef-kennittoonni armaan olitti eeraman irraa tooftaa funaansa ragaalee adda addaatiin walitti qabaman barattoonni hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo akka qaban funaanamuun xiinxalameera.

## Gabatee Odeeffannoo Deebii Kennittootaa Barattootaa

| T/L | Madda Odeeffannoo Kennitootaa | Saala | | | Umurii | | | Kutaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhi | Dha | Ida’a | Dhi | Dha | Ida’a | |
| 1 | Barattoota M/barumsaa Hurrumuu sad.2ffaa | 49 | 53 | 102 | 28 | 32 | 60 | 11ffaa |
| | | | | | 20 | 21 | 41 | |
| | | | | | 1 | - | 1 | |
| 2 | Barattoota M/barumsaa Sonxaa sad.2ffaa | 9 | 11 | 20 | 3 | 6 | 9 | |
| | | | | | 4 | 5 | 9 | |
| | | | | | 2 | - | 2 | |
| | Walii gala | | | | | | 122 | |

## Gabatee Odeeffannoo Deebii Kennitoota Barsiisotaa

| T/L | Madda Odeeffanno Kennitootaa | Saala | | | Sadarkaa Barnootaa | | | | | | Tajaajila |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | BA | | | MA | | | |
| | | Dhi | Dha | Ida' | Dhi | Dha | Ida’ | Dhi | Dha | Ida | Waggaa |
| 1 | Barsiisota M/barumsa Hurrumuu sad.2ffaa | 3 | 1 | 4 | 1 | 1 | 2 | 2 | - | 2 | 15-19 |
| 2 | Barsiisota M/barumsaa Sonxaa sad.2ffaa | 1 | - | 1 | 1 | - | 1 | - | - | - | 5 |

## 4.3. Xiinxala Dandeettii Dhamjechoota Hirkatoo Tajaajila Caaslugaa Agarsiisaniifi Bu’uura Bakkaatiin Argaman

### 4.3.1 Xiinxala Qormaata Marsaa 1ffaa

Gaafileen qajeelfama 1ffaa marsaa jalqabaa irratti qophaa’an barattoonni dhamjechoota hirkatoo tajaajila caaslugaa agarsiisanfi bu’uura bakkaatiin kanneen argaman hammam akka adda baafatan madaaluuf kan kennamedha. Addunyaan (2020:96) akka ibsetti,”Dhamjechi hirkataan warren tajaajila caaslugaa (grammatical function) kanneen akka:koorniyaa (kormaafi naayee) ramaddii (1ffaa,2ffaafi 3ffaa),maayii (maayii mathimaa,maayii aantimaa,maayii meeshaa),haala raawwii,lakkoofsaa fi k.k.f.agarsiisuuf jecha ykn hundee jechaatti fufamu” jechuun ibsa. Madaalliin kunis gaaffilee bu’uuraa 1ffaa fi 2ffaa kan deebise yemmuu ta’u % 20 keessaa kan madaalamanidha.Bu’uuruma kanaan deebii sirrii kan deebisan fi hindeebisne hammam akka ta’e lakkoofsaafi dhibeentaa gabatee armaan gadii keessatti kan ka’ameefi jechaan xiinxalamedha.

DABALEE A QORMAATA AFAAN OROMOO BARATTOOTA KUTAA 11FFAATIIF KENNAME

Kaayyoon qorannoo kanaa hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa keessatti argaman dandeettiin isaanii maal fakkaata isa jedhu adda baafachuuf.Kanaaf gaaffilee dhiyaataniif deebii qulqullina,amanamummaa fi xiyyeeffannoo kennitan fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf tumsa guddaa qaba.Kanaafuu shakkii tokkoo malee deebii isin deebistan iddoo guddaa waan qabuuf deegarsa gootan hundaaf galanni keenya guddaadha.

Hub.maqaa keessan barreessuu hinbarbaachisu.

Gaaffiilee dhiyaataniif deebii osoo hinkennin dura odeeffannoo dhuunfaa keessanii guutaa.

1.Maqaa mana barumsaa Humemu sad.2ffaa 2.Saala: Dhiira ✓ Dhalaa______

**QORMAATA MARSAA TOKKOFFAA**

Qajeelfama:Dhamjecha hirkatoo tajaajila raawwii darbe,mathima mul'isu,danummmaa agarsiisu,aantima kallattiifi ,raawwachiisaa ta'uu kanneen agarsiisan jechoota lama lama barreessi.

1. Raawwii darbe 2. mathima mul'istuu 3. danummaa 4. aantima kallattii

--kaleessa-- ---Tolaan--- --Namoota --kana-- 6
--bare-- ---Caalaan--- --fardeen --Sara--

5.Raawwachiisaa

--deemsise--

--bukaa'e--

12/20

Qajeelfama;Jechoota fufii ofirraa qaban:fufii duraa,fufii boodaafi fufii naannee kan agrsiisuu barreessi.

1.Fufii duraa 2. Fufii boodaa 3. Fufii naannee

A Yoom/dhufan A Barattoota A hin deenyne 6

B haa ta'umaa B barnootaaf B hin galle

C. Lamummaa C, Saamuun C Yaa deemtu

D. bishaan

**DABALEE A**

QORMAATA AFAAN OROMOO BARATTOOTA KUTAA 11FFAATIIF KENNAME

Kaayyoon qorannoo kanaa hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa keessatti argaman dandeettiin isaanii maal fakkaata isa jedhu adda baafachuuf.Kanaaf gaaffilee dhiyaataniif deebii qulqullina,amanamummaa fi xiyyeeffannoo kennitan fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf tumsa guddaa qaba.Kanaafuu shakkii tokkoo malee deebii isin deebistan iddoo guddaa waan qabuuf deegarsa gootan hundaaf galanni keenya guddaadha.

Hub.maqaa keessan barreessuu hinbarbaachisu.

Gaaffiilee dhiyaataniif deebii osoo hinkennin dura odeeffannoo dhuunfaa keessanii guutaa.

1.Maqaa mana barumsaa Hurmumu Sad 2ffaa 2.Saala: Dhiira______Dhalaa ✓

**QORMAATA MARSAA TOKKOFFAA**

Qajeelfama:Dhamjecha hirkatoo tajaajila raawwii darbe,mathima mul'isu,danummmaa agarsiisu,aantima kallattiifi ,raawwachiisaa ta'uu kanneen agarsiisan jechoota lama lama barreessi.

1. Raawwii darbe 2. mathima mul'istuu 3. danummaa 4. aantima kallattii

| 1. Raawwii darbe | 2. mathima mul'istuu | 3. danummaa | 4. aantima kallattii |
|---|---|---|---|
| rafe | kanaaf | magaalota | Tolaan |
| nyaate | baressuu | fardeen | nama |

5.Raawwachiisaa

hojjete

dhufan

10/20

Qajeelfama;Jechoota fufii ofirraa qaban:fufii duraa,fufii boodaafi fufii naannee kan agrsiisuu barreessi.

| 1.Fufii duraa 4 | Fufii boodaa 3 | Fufii naannee 3 |
|---|---|---|
| A wal fannamte | A Jdileen | A. Xumuramu |
| B garmalee | B re'oota | B babala chuu |
| C. al Idilee | C Sareota | C deemu |

6

**Gabatee 1ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu'uura Tajaajilaa Caaslugaa Agarsiisan**

Qajeelfama 1ffaa Barattoota Mana Barumsaa Hurrumuu Sadarkaa 2ffaa

| Kan qoraman | Qabiyyee | Kan deebisan | | | Kan hindeebisne | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Saala | Lakk. | %dhaan | Saala | Lakk. | %dhaan |
| Dhi.49 Dha.53 Ida'a.102 | Dhamjecha hirkataa raawwi darbe agarsiisu | Dhi. | 13 | 27 | Dhi. | 36 | 74 |
| | | Dha. | 14 | 26 | Dha. | 39 | 74 |
| | | Ida'a. | 27 | 27 | Ida'a. | 75 | 74 |
| | Dhamjecha hirkataa mathima mul'istu | Dhi. | 14 | 29 | Dhi. | 35 | 71 |
| | | Dha. | 12 | 23 | Dha. | 37 | 70 |
| | | Ida'a | 26 | 26 | Ida'a. | 72 | 71 |
| | Dhamjecha hirkataa danummaa agarsiisu | Dhi. | 10 | 20 | Dhi. | 39 | 80 |
| | | Dha. | 9 | 17 | Dha. | 44 | 83 |
| | | Ida'a | 19 | 19 | Ida'a. | 83 | 81 |
| | Dhamjecha hirkataa aantima kallatti agarsiisu | Dhi. | 4 | 8 | Dhi. | 45 | 92 |
| | | Dha. | 5 | 9 | Dha. | 48 | 91 |
| | | Ida'a. | 9 | 9 | Ida'a. | 93 | 91 |
| | Dhamjecha hirkataa raawwachiisaa agarsiisan | Dhi. | 8 | 16 | Dhi. | 41 | 84 |
| | | Dha. | 13 | 25 | Dha. | 40 | 75 |
| | | Ida'a | 21 | 21 | Ida'a. | 81 | 79 |

Gabatee 1ffaa qajeelfama 1ffaa irratti akkuma argamuu barattoonni mana barumsaa Hurrumuu sad.2ffaa gaaffii 1ffaa (dhamjecha hirkatoo raawwii darbe) kan agarsiisu barattoota dhi 49 keessaa kan deebisan 13 (%27) yemmuu ta'u, dha.53 keessaa 14 (%26) deebisaniiru.Kanneen hindeebisne

immoo dhi 49 keessaa 36 (%74) fi dha. 53 keessaa 39 (%74) kan ta'anidha.Dogogorri dhamjecha hirkataa raawwii darbe mul'isu fayyadamanis:kaleessa, bor, fi, kanamalees,isaan,isheef kan jedhu yemmuu ta'u;jechoonni kunneen kan ibsan:gochibsa,walqabsiistuu,mathimaafi eenyuuf ykn abbummaa mul'isuuf kan tajaajilanidha malee raawwii darbe hin agarsiisan. Yaada kana irraa wanti hubatamuu barattoonni dhibbeentaa walakkaadhaa ol ta'an hanqina dandeettii kanaa akka qaban mul'isa.

Gaaffii 2ffaa (dhamjecha hirkatoo mathima) mul'isan barattoota dhi 49 keessaa 14 (%29)fi dha 53 keessaa 12 (%23) kan deebisanidha.Barattoonni dhi 49 keessaa 35 (%71) fi dha 53 keessaa 37 (%70) kan hindeebisnedha.Dogogorri gama mathima mul'isan kanaan uumames,jechoota kan akka:deeman,fiigan,kanaaf, barreedduu,deeme,gale jechuun deebisan keessatti dhamjechi jala muramani agarsiifaman heddumina,saala fi raawwii darbe kan agarsiisudha malee mathima hinmul'isu.Kanaaf hanqinni hubanna jiraachuu mul'isa.

Gaaffii 3ffaa (dannummaa) kan agarsiisu kanneen deebisan dhi 49 keessaa 10 (%20)fi dha 53 keessaa 9 (%17) yoo ta'u,dhi 49 keessaa 39 (%80)fi dha 53 keessaa 44 (%83)kan hindeebisnedha.Gama kanaanis,jechootni fayyadaman:jira,jirti,deemte,inni kan jedhan yemmuu ta'u; dhamjechoon jala sararaman haala raawwii,saalafi mathima kan agarsiisanidha malee danummaa hin mul'isa.Kanarraas,wanti hubatamu dandeettiin barattootaa dhamjecha danummaa agarsiisan irratti qaban gad-aanaa ta'uu isaati.

Gaaffii 4ffaa (aantima kallattii) kan agarsiisu kan deebisan dhi 49 keessaa 4 (%8)fi dha 53 keessaa 5 (%9) yoo ta'u kanneen hindeebisne immoo dhi 49 keessaa 45 (%92) kan ta'edha.Akkasumas,dha 53 keessaa 48 (%91)dha.Dhamjechoonni aantima kallatti agarsiisan jechoota jarri fayyadamuun jala sararanii agarsiisan keessaa: keessaa,kana,jara,ati,ture,kooti kan jedhanidha.Jechoonni kunneen kan agarsiisan gochibsa iddoo,maqibsa akeektuufi bamaqoota mathima mul'isanidha.Akkasumas,haala raawwiifi xumurtuu taatee tajaajilti malee aantima kallatti hinmul'isu.

Gaaffii 5ffaa (raawwachiisaa) ta'uu kan mul'isuu immoo kan deebise dhi 49 keessaa 8 (%16) fi dha 53 keessaa 13 (%25) kan ta'anidha.Kan hindeebisne immoo dhi 49 keessaa 41 (%84) fi dha 53 keessaa 40 (%75) ta'uu mul'isa.Jechoota fayyadaman keessatti dhamjechoonni tajaajila raawwachiisaa ibsu jechuun jala muranii agarsiisan keessaa : hojjete,dhufan,kanaaf,

dhufte,du’e,Tolaa,dhufeera kan jedhudha.Jechoonni kunis, haala raawwii kan agarsiisan,walqabsiistuufi mathima kan mul’isudha malee raawwachiisaa ta’anii hintajaajilan.

Walumaa galatti bu’aa madaallii barattoota kanarraa wanti hubatamu dhamjechoota hirkatoo tajaajila caaslugaa kanneen agarsiisan irratti hanqinni hubannaa jiraachuu mul’isa.

**Gabatee 2ffaa Dhamaja Hirkataa Bu’ura Bakkaatiin**

Qabiyyeen qormaata qajeelfama lammaffaa kana jalatti argaman dhamjechoota hirkatoo bu’uura bakkaatiin argaman dandeettii barattootaa kan ittiin madaalamedha.Bakki argama isaanis,fufii duree,fufii boodaafi naannee jedhamuun qoodamu.Bu’uuruma kanaan jechoota fufii duraa,boodaafi naannee qaban akka barreessan taasifamuun kanneen deebisaniifi hindeebisneen gabatee armaan gadii keessatti lakkoofsaafi dhibbeentaadhaan xiinxalameera.

| Kan qoraman | Qabiyyee | Kan deebisan | | | Kan hindeebisne | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Fufii duraa | Saala | Lakk. | %dhaan | Saala | Lakk. | %dhaan |
| Dhi.49 Dha.53 Ida’a.102 | | Dhi | 15 | 31 | Dhi. | 34 | 69 |
| | | Dha. | 17 | 32 | Dha. | 36 | 68 |
| | | Ida’a | 32 | 31 | Ida’a. | 70 | 67 |
| | Fufii boodaa | Dhi. | 20 | 41 | Dhi. | 29 | 59 |
| | | Dha. | 18 | 34 | Dha. | 35 | 66 |
| | | Ida’a. | 38 | 37 | Ida’a. | 64 | 63 |
| | Fufii naannee | Dhi. | 14 | 29 | Dhi. | 35 | 71 |
| | | Dha. | 18 | 34 | Dha. | 35 | 66 |
| | | Ida’a. | 32 | 31 | Ida’a. | 70 | 69 |
| | | | | | | | |

Gabatee 2ffaa qajeelfama 2ffaa ilaalchisee,barattoonni gaaffii 1ffaa (fufii duraa) kan agarsiisu kan deebisan dhi 49 keessaa 15 (%31)fi dha 53 keessaa 17 (%32) kan ta’anidha.Barattoonni hindeebisne immoo dhi 49 keessaa 34 (%69)fi dha 53 keessaa 36 (%68)dha.Fufii duraa kana ilaalchise jechoota dogoggora fayyadaman keessaa : gale,deeme,rafe fi barreesse kan jedhan yemmuu ta’u,jechoonni kunneen fufii duraa kan mul’isu kan ofirraa hinqabneefi gareewwan jechootaa jalatti gochima ta’anii kan tajaajilanidha.Dabalataanis,jechoota

gaangeedhaan,fardaan,konkolaataan,uleen kan ta'an keessatti kan jala murame  fufilee duraa kan ibsu miti.Kanaaf dhamjechoonni jala sararaman meeshaa (gochi tokko maaliin akka raawwataman) kan agarsiisudha.Dhumarrattis,gaalee' yoom dhufan' jedhu kessatti kan jala sararame jecha malee fufii hin ibsu.Kanaaf kun kan nuhubachiisu fufii duraa irratti hanqinni hubannaa jiraachuu isaati.

Gaaffii 2ffaa (fufii boodaa) ilaalchisee dhi 49 keessaa 20 (%41) fi dha 53 keessaa 18 (%34) kan deebisan yemmuu ta'u, dhi 49 keesaa 29 (%59) fi dha 53 keessaa 35 (%66) kan hindeebisnedha.Fufii boodaa keessattis, jechoota fufii ofirraa hinqabne  dogoggora fayyadaman keessaa:barsiise,barame,garmalee,gaara,mootii,gamna jechuun kanneen fayyadaman keessatti dhamjechi jala sararame fufii boodaa kan agarsiisu miti Sababni isaas,dhamjechoonni jala muraman hundee jechootaafi jecha ta'uu agarsiisu waan ta'eef. Gama kanaanis hanqinni dandeettii akka jiru hubanna.

Gaaffii 3ffaa (fufii naannee) kan agarsiisuu kan deebisan barattoota dhi 49 keessaa 14 (%29) fi dha 53 keessaa 18 (%34) kan ta'anidha.Akkasumas,dhi 49 keessaa 35 (%71)fi dha 53 keessaa 35 (%66) kan hindeebisne ta'uu mul'isa.Jechoonni fufii naannee ibsuuf fayyadaman kessaa:bineensota,saawwan,birkiilee, kan jedhu  keessatti kanneen jala sararaman fufii boodaa kan agarsiisan malee fufii naannee kan mul'isu miti. Sababni isaa,fufiin naannee jecha tokko irratti si'a tokkichaan fufii duraafi boodaa yoo qabaatedha waanta'eef. Dabalataanis ,jechoota xumuramuu,babal'achuu,deemuu kanneen jedhanis fufilee naannee tokkolle ofirraa hinqaban.Dimshaashumatti barattoonni dhamjecha hirkatoo bakka argama isaanii irratti hanqina dandeettii akka qaban mul'isa.

**DABALEE A**

QORMAATA AFAAN OROMOO BARATTOOTA KUTAA 11FFAATIIF KENNAME

Kaayyoon qorannoo kanaa hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa keessatti argaman dandeettiin isaanii maal fakkaata isa jedhu adda baafachuuf.Kanaaf gaaffilee dhiyaataniif deebii qulqullina,amanamummaa fi xiyyeeffannoo kennitan fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf tumsa guddaa qaba.Kanaafuu shakkii tokkoo malee deebii isin deebistan iddoo guddaa waan qabuuf deegarsa gootan hundaaf galanni keenya guddaadha.

Hub.maqaa keessan barreessuu hinbarbaachisu.

Gaaffiilee dhiyaataniif deebii osoo hinkennin dura odeeffannoo dhuunfaa keessanii guutaa.

1.Maqaa mana barumsaa Sonxaa Sad. 2ffaa 2.Saala: Dhiira______Dhalaa______

**QORMAATA MARSAA TOKKOFFAA**

Qajeelfama:Dhamjecha hirkatoo tajaajila raawwii darbe,mathima mul'isu,danummmaa agarsiisu,aantima kallattiifi ,raawwachiisaa ta'uu kanneen agarsiisan jechoota lama lama barreessi.

| 1. Raawwii darbe | 2. mathima mul'istuu | 3. danummaa | 4. aantima kallattii |
|---|---|---|---|
| nyaachise ✓ | I sheet ✗ | barruulee ✓ | gammadaan ✓ |
| barsiise ✓ | Isaanin ✗ 6 | namoota ✓ | Tolaan ✓ |

5.Raawwachiisaa

fuudhe ✗

bite ✗

12/20

Qajeelfama;Jechoota fufii ofirraa qaban:fufii duraa,fufii boodaafi fufii naannee kan agrsiisuu barreessi.

| 1.Fufii duraa 4 | Fufii boodaa 3 | Fufii naannee 3 |
|---|---|---|
| A walbira ✓ | A lubbu qabeeyyii ✓ | A. ariitiin ✗ |
| B altokko ✓ | B ilbiisota ✓ | B suuta ✗ 6 |
| C. walqunamtii ✓ | C bineensota ✓ | C qalbiidhaan ✗ |

42

**Gabatee 3ffaa Xiinxala Dandeettii Dhamjechoota Hirkatoo Tajaajila Caaslugaa Agarsiisan.**

**Qormaata qajeelfama tokkoffaa barattoota mana barumsaa Sonxaa**

| Kan qoraman | Qabiyyee | Kan deebisan | | | Kan hindeebisne | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Saala. | Lakk. | %dhaan | Saala. | Lakk. | %dhaan |
| Dhi.9 Dha.11 Ida'a.20 | Dhamjecha hirkataa raawwii darbe agarsiisu | Dhi. | 2 | 22 | Dhi. | 7 | 78 |
| | | Dha. | 4 | 36 | Dha. | 7 | 64 |
| | | Ida'a. | 6 | 30 | Ida'a. | 14 | 70 |
| | Dhamjecha hirkataa mathima mul'istu | Dhi. | 1 | 11 | Dhi. | 8 | 89 |
| | | Dha. | 3 | 27 | Dha. | 8 | 73 |
| | | Ida'a. | 4 | 20 | Ida'a. | 16 | 80 |
| | Dhamjecha hirkataa danummaa agarsiisu | Dhi. | 4 | 44 | Dhi. | 5 | 56 |
| | | Dha. | 2 | 18 | Dha. | 9 | 82 |
| | | Ida'a. | 6 | 30 | Ida'a. | 14 | 70 |
| | Dhamjecha hirkataa aantima kallatti agarsiisu | Dhi. | 1 | 11 | Dhi. | 8 | 89 |
| | | Dha. | 2 | 18 | Dha. | 9 | 82 |
| | | Ida'a. | 3 | 15 | Ida'a. | 17 | 85 |
| | Dhamjecha hirkataa raawwachiisaa kan mul'isu | Dhi. | 3 | 33 | Dhi. | 6 | 67 |
| | | Dha. | 2 | 18 | Dha. | 9 | 82 |
| | | Ida'a. | 5 | 25 | Ida'a. | 15 | 75 |

Gabatee 3ffaa qajeelama 1ffaa irrattii argamu barattoonni mana barumsaa Sonxaa sad.2ffaa ilaalchisee,gaaffii 1ffaa (dhamjecha hirkatoo raawwii darbe) kan mul'isuu kan deebisan dhi 9

keessaa 2 (%22) fi dha 11 keessaa 4 (%36) yemmuu ta'u,dhi 9 keessaa 7 (%78) fi dha 11 keessaa 7 (%64) kan hindeebisnedha.Dhamjechoota hirkataa tajaajila raawwii darbe kan mul'isu deebii dogogora ta'e jechoota jala sararuun ibsan keessatti : namoota,kitaabilee,nyaachise,barsiise kan jedhu yemmuu ta'u namootafi kitaabilee kan jedhan jalatti dhamjechoota heddumina mul'isudha malee raawwii darbe kan ibsu miti. Jechoota kana keessaa dhamjechoonni raawwachiisaa ta'anii tajaajilanis,{-chis fi –siis-}kan jedhanidha.Kanaaf dhamjechoonni kunneen raawwii darbe hin ibsan.Kanarraa wanti hubatamu danda'u hanqinni dandeettii kanaa jiraachuu isaati.

Gaaffii 2ffaa ilaalchisee (dhamjecha hirkatoo mathima) mul'isu kan deebise dhi 9 keessaa 1 (%11)fi dha 11 keessaa 3 (%27) kan ta'aniifi dhi 9 keessaa 8 (%89) fi dha 11 keessaa 8 (%73) kan hindeebisnedha.Dhamjechoota mathima mul'isan keessatti jechoota fayyadamuun dogogora ibsan keessaa : qalama,kitaaba,guddise,barsiise,isheef,isaanin kan jedhan yemmuu ta'u;jechoonni kun aantimaafi gochima ta'uu kan agarsiisanidha malee mathima agarsiisuu hin danda'an. Gama kanaanis dandeettiin barattootaa gadi aanaa akka ta'e hubachuu dandeenya.

Gaaffii 3ffaa (dannummaa) kan agarsiisu dhi 9 keessaa 5 (%56) fi dha 11 keessaa 9 (%82) kan hindeebisnedha. Dogoggora dhamjechoota danummaa agarsiisan jala muruun ibsan keessaa:gabbatte, dhaltii,waraabde,bite kan jedhan yemmuu ta'u; dhamjechoonni kunneen saala (qeenxee) kan ibsanidha.As irrattis hubannaan dhamjechoota danuummaa agarsiisan ni mul'atu.

Gaaffii 4ffaa (aantima kallattii) ilaalchisee dhi 9 keessaa 8 (%89)fi dha 11 keessaa 9 (%82) hindeebisne.Dhamjecha aantima kallatti agarsiisuf jechootni fayyadamanis : hoolaaf,gaalaaf,Toltuuf,barataaf,Gammadaan,Tolaan kan jedhu yoo ta'u;jala kan sararaman aantima dalgeefi mathima kan mul'isadha.Kanarraas kan hubatamu hanqinni hubannaa dandeettii kanaa akka jirudha.

Gaaffii 5ffaa (raawwachiisaa) ta'uu kan agarsiisuu immoo kan deebisan dhi 9 keessaa 3 (%33)fi dha 11 keessaa 2 (%18) kan ta'an dha.kan hindeebisne immoo dhi.9 keessaa 6(%67)fi dha.11 keessaa 9(%82)hindeebisnedha. Dogoggora dhamjechoota raawwachiisaa ta'ee tajaajilus, jechoota jarri fayyadaman keessaa: diimaa, furdaa kan jedhudha. Jechootni kunneen garee jechaa maqibsa ta'uu kan mul'isanidha malee dhamjechoota raawwachiisaa ta'uu kan hinagarsiisnedha. Kana malees,jechootni fuudhefi bite jedhan gochima ta'uu kan mul'isu malee raawwachiisaa ta'uu hin ibsu.

Walumaa galatti barattoonni mana barumsaa kanaas, dandeettiin isaan dhamjecha hirkataa tajaajila caaslugaa agarsiisan irratti qaban gad-aanaa akka ta'e hubanna.

**Gabatee $4^{ffaa}$ Dhamjecha Hirkatoo Bu’uura Bakkaatiin.**

**Qormaata marsaa jalqabaa qajeelfama $2^{ffaa}$ mana barumsa Sonxaa**

| Kan qoraman | Qabiyyee | Kan deebisan | | | Kan hindeebisne | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Saala | Lakk. | %dhaan | Saala | Lakk. | %dhaan |
| Dhi.9 | Fufii duraa | Dhi. | 3 | 33 | Dhi. | 6 | 67 |
| Dha.11 | | Dha. | 5 | 45 | Dha. | 6 | 54 |
| Ida’a.20 | | Ida’a. | 8 | 40 | Ida’a. | 12 | 60 |
| | Fufii boodaa | Dhi. | 5 | 56 | Dhi. | 4 | 44 |
| | | Dha. | 7 | 64 | Dha. | 4 | 36 |
| | | Ida’a. | 12 | 60 | Ida’a. | 8 | 40 |
| | Fufii naannee | Dhi. | 1 | 11 | Dhi. | 8 | 89 |
| | | Dha. | 3 | 27 | Dha. | 8 | 73 |
| | | Ida’a. | 4 | 20 | Ida’a. | 16 | 80 |

Gabatee $4^{ffaa}$ qajeelfama $2^{ffaa}$ keessatti gaaffii $1^{ffaa}$(fufii duraa) kan agarsiisu kan deebisan dhi 9 keessaa 3 (%33)fi dha.11 keessaa 5 (%45) yeroo ta’an;dhi 9 keessaa 6 (%67)fi dha.11 keessaa 6 (%54)kan hindeebisnedha. Dogoggora fufii duraa kan ibsu jechoota fayyadaman keessaa:mana guddaa,haphii,guddaa,bineensota,haalluuwwan,saroota,re’oota jechuun kan barreessanidha.Jechoonni kunneen fufii duraa kan agarsiisu ofirraa hinqabu.Innis garee jechootaa maqibsa ta’uu kan agarsiisuufi fufii boodaa kan ofirraa qaban ta’uu kan mul’isudha.Kanarraas wanti hubatamuu hanqinni hubannaa fufii duraa jiraachuu agarsiisa.

Gaaffii $2^{ffaa}$ (fufii boodaa) kan agarsiisuu kan deebisan dhi.9 keessaa 5 (%56) fi dha.11 keessaa 7 (%64) yeroo ta’u dhi 9 keessaa 4 (%44) fi dha 11 keessaa 4 (%36) kan hindeebisnedha.Jechoota fayyadamuun fufii boodaa kan ibsu dogogorri mul’ate keessaa: loon, gamnafi nama kan jedhudha.Jechoonni kunis fufii boodaa kan mul’isu hinqabu.Haata’u malee fufilee duraafi naannee irraa dandeettiin isaan fufii boodaa irratti qaban hanqina haaqabaatan malee fooyyee kan qabu ta’uu hubanna.

Gaaffii 3ffaa (fufii naannee ) kan mul'isu kan deebise dhi.9 keessaa 1(%11)fi dha.11 keessaa 3 (%27) yemmuu ta'uu,dhi 9 keessaa 8 (%89)fi dha 11 keessaa 8 (%73) kan hindeebisnedha.Fufii naannee kana keessattis,jechoota fayyadamuun dogogoraa fufii naannee kan ibsan : Tolaan mana ijaare,Isheen dhufte,isaan,kana,sana,jala,ariitiin,suuta,qalbiidhaan kan jedhaman yemmuu ta'u;Hima ijaaruun kan deebisan keessatti fufii naannee kan ibsu jechi qabu hinjiru.Jechoonni warri kaan maqibsa akeektuufi gochibsoota ta'anii tajaajilu malee dhamjechi fufii naanne mul'isu hinqabu.

Dimshaasumatti dhamjechoota hirkatoo bakka argamaa isaani irratti barattoonni kunneen fufii duraa fi fufii naannee irratti hanqinni dandeettii kanaa akka jiru mul'isa.Haata'u malee fufii boodaa irratti immoo dhibeentaa walakkaadha ol waan deebisaniif dandeettii isaan as irratti qaban kanneen kaan irraa fooyyee akka qabu nutti agarsiisa.

### 4.3.2. Qormaata Barattootaa Marsaa 2ffaa

Qormaanni barattootaa marsaa 2ffaa kenname barattoota iddatteeffaman keessaa garee lamatti hiruun garee tokko barnoota dabalataa kennameefi kan qoraman yemmuu ta'uu,gareen tokko immoo barnootni dabalataa osoo hinkennamin %20 irraa kan madaalamanidha . Qabiyyeen qormaata marsaa 2ffaa kana keessatti kennameefis jechoota shan shan fayyadamuun dhamjecha hundee,fufii (yaasaa fi hortee) qaban adda baasuun akka isaan agarsiisanifi fufiile yaasaa fi hortee waliin makamanii barreeffaman qofa qofaatti adda baasuun akka deebisan kan godhamedha. Qormaanni marsaa lammataa kunis, gaaffilee bu'uuraa 1ffaa, 2ffaafi 3ffaa'n kan ittiin deebii argatanidha. Qabxiin barattoonni galmeessanis, gabatee keessatti lakkoofsaafi dhibbeentaan xiinxalame.

**DABALEE B**

QORMAATA MARSAA LAMMAFFAA

Maqaa Mana Barumsaa Hurhumuu Sad. 2ffaa

Saala:Dhi ✓ Dha____

Qajeelfama:Jechoota shan shan fudhachuun dhamjecha hundee,fufii(yaasaa fi hortee)qaban addaan baasuun agarsiisi.

| Fufii yaasaa | Fufii hortee |
| --- | --- |
| A namummaa | A diimessa |
| B barsiisaa | B borte |
| C naannoo | C qorate |
| D dimaa | D deeman |
| E barsiisaan | E qorate |

0

Qajeelfama;Fufiilee hortee fi yaasaa waliin makamanii barreeffaman addaan baasiiti barreessi.

| | | fufii yaasaa | fufii horte |
| --- | --- | --- | --- |
| -ummaa | -lii | -na | -lee |
| -n | -ina | -at | -a |
| -lee | -oom | -oom | -an |
| -at | -am | -ummaa | -lii |
| -a | -an | -am | |

8/20



43

**Gabatee 5ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu'uura Tajaajilaatiin.**

**Qormaata marsaa lammaaffaa barattoota mana barumsaa Hurrumuu**

Barattoonni mana barumsaa Hurrumuu sad.2ffaa iddatteefaman 102 keessaa dhi 24fi dha 26 waliigala barattoota 50'f barnoonni dabalataa kennameefi kan qoraman yemmuu ta'u,dhi 25fi dha 27 waliigala barattoota 52'f osoo barnoonni dabalataa hinkennamin kan qoramanidha.

| Kan qoraman | Barnoonni dabalataa kan kennameef | | | | Kan qoraman | Barnootni dabalataa osoo hinkennamin | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dhi.24 Dha.26 Ida'a.50 | Saala | Lakk. | Qabxii | %dhaan | Dhi.25 Dha.27 Ida'a.52 | Saala | Lakk. | qabxii | %dhaan |
| | Dhi. | 1 | 9 | 45 | | Dhi. | 4 | 7 | 35 |
| | Dha. | 1 | | | | Dha. | 3 | | |
| | Ida'a. | 2 | | | | Ida'a. | 7 | | |
| | Dhi. | 2 | 12 | 60 | | Dhi. | 2 | 8 | 40 |
| | Dha. | 1 | | | | Dha. | 2 | | |
| | Ida'a. | 3 | | | | Ida'a. | 4 | | |
| | Dhi. | 1 | 14 | 70 | | Dhi. | 5 | 9 | 45 |
| | Dha. | 1 | | | | Dha. | 3 | | |
| | Ida'a. | 2 | | | | Ida'a. | 8 | | |
| | Dhi. | 4 | 15 | 75 | | Dhi. | 4 | 10 | 50 |
| | Dha. | 3 | | | | Dha. | 5 | | |
| | Ida'a. | 7 | | | | Ida'a. | 9 | | |
| | Dhi. | 4 | 16 | 80 | | Dhi. | 3 | 12 | 60 |
| | Dha. | 4 | | | | Dha. | 6 | | |
| | Ida'a. | 8 | | | | Ida'a. | 9 | | |
| | Dhi. | 5 | 17 | 85 | | Dhi. | 3 | 14 | 70 |
| | Dha. | 9 | | | | Dha. | 6 | | |
| | Ida'a. | 14 | | | | Ida'a. | 9 | | |
| | Dhi. | 7 | 18 | 90 | | Dhi. | 4 | 16 | 80 |
| | Dha. | 7 | | | | Dha. | 2 | | |
| | I da'a. | 14 | | | | Ida'a. | 6 | | |

Gabatee 5ffaa irratti akkuma mul'atu barattoonni mana barumsaa Hurrumuu sad.2ffaa barnoota dabalataa fudhatanii kan qoraman %20 keessaa 9 kan fidan 2 (%45) dha.Jechoota fayyadaman keessatti dogoggoraa fufii yaasaa ibsan keessaa : barsiisaa,nama,diimaa, carra, gudda kan jedhaman yoo ta'u;dhamjechoonni jala sararaman hundi isaanii fufii yaasaa hinibsan.Dabalataanis,qajeelfama lammataa keessatti fufiilee yaasaafi hortee waliin makamanii barreeffaman dogoggora addaan baasaniiru.Dogoggori jaraas,fufii hortee jalatti:{-ummaa,-oom,-at,-am} kan jedhaniifi fufii yaasaa jalatti immoo:{lee-,lii-,-n,-a} jechuun deebisaniiru.Kanarraa wanti hubannu garaagarummaa fufiilee horteefi yaasaa kan addaan hinbaafanne ta'u nuhubachiisa.

Barattoonni qabxii 12 kan fidan 3 (%60) yemmuu ta'uu,jechoota fufiilee yaasaa jalatti dhamjecha jala sararuun dogoggora agarsiisanis:kanaan,yoom,jallatan jedhu keessatti fufii yaasaa kan ibsu hinjiru..Kana malees,fufii hortee jalatti jecha qaalii,badhaadhina jedhu keessatti kan jala murame fufii hortee hin ibsu.Sababni isaas,fufii hortee kan ibsu jecha kana keessatti dhamjecha{ –ifi –a} dha waan ta'eef.

Qabxii14 kan fidan 2 (%70) yemmuu ta'u, jechoonni fufii yaasaa ibsuuf dhamjecha jala sararanii ibsan: beekumsa,adaddummaa,jaalatamummaa kan jedhudha.Dhamjechoonni kunis fufii yaasaa hinibsan. Sababni isaas jechootuma kana keessatti fufii yaasaa kan mul'isu dhamjecha{ –ummaa} dha waan ta'eef.Fufii hortee jalatti jechoonni gaangee,yoom,afaan,falmite kan jedhu keessatti dhamjechoonni jala muraman fufii hortee hin agarsiisu.Dhamjechi jechoota kanarraa fufii hortee ibsuu danda'u {–e} kan jettudha waan ta'eef. Qajeelfama itti aanu keessattis fufiilee horteefi yaasaa walmakanii jiran dhamjecha {–oom,-am} hortee jalatti;dhamjecha{ lii-,-a'n} yaasaa jalatti barreessuun kan dogoggoranidha.

Barattoonni qabxii 15 kan fidan 7 (%75) yeroo ta'u;Jechoota gargaaraman keessatti fufii yaasaa dogoggora ibsan keessaa :deeman,qabamee kan jedhu keessatti dhamjechi jala sararame –an fi-mee fufii yaasaa hin ibsu. Sababni isaas jecha kana keessaa fufii yaasaa kan ibsu –am kan jettudha waan ta'eef. Fufii hortee jalatti immoo jechoota mataa,dimessaa kan jedhu jalati dhamjechi jala sararame fufii hortee hin agarsiisu.Qajeelfama itti aanu keessattis,fufiilee yaasaa fi hortee makamanii jiran fufii hortee jalatti dhamjecha dogoggoraan barreessan {–oom} kan jedhuufi fufii yaasaa jalatti immoo {–an,-n} jechuun barreessaniiru.kanarraa wanti hubatamu hanqina hubannaa muraasni akka jirudha.

Qabxii 16 kan fidan 8 (%80) yoo ta'u;jechoota fayyadaman keessatti dhamjechoota fufiilee yaasaa jala sararuun ibsan:deem<u>an</u>,mur<u>e</u> dogoggora kan ibsameefi fufii yaasaa kan hin agarsiisnedha.Sababni isaa dhamjechoonni jala sararaman fufii hortee agarsiisu.Dhamjechoota walmakamani dhiyaatan keessaa dogoggora kan ibsan fufii yaasaa jalatti {–lee,-lii} yemmuu ta'u;fufii hortee jalatti immoo dhamjecha {–am,-at} gargaaramaniiru.firii barattoonni galmeesisan kana yemmuu ilaaluu dandeettiin jaraa fooyyee kan qabu ta'uu hubanna.

Barattoonni qabxii,17 kan fidan 14 (%85) kan ta'anidha.Barattoonni kunis jechoota fayyadamuun dhamjechoota fufii yaasaa jala muruun agarsiisanii ibsan dogoggoradha.kunis,qabam<u>e</u>,deem<u>an</u> dhamjechoonni kun fufii hortee agarsiisu malee fufii yaasaa hinibsan.Dhamjechoota walmakaman keessaa immoo dogoggora kan ibsan fufii yaasaa jalatti –lii,-lee,-an yemmuu ta'u dhamjechoonni kunnin fufii hortee ta'anii tajaajilu.

Qabxii 18 kan fidan 14 (%90) kan galmeesissanidha.Barattoonni kun kan isaan dogoggoran dhamjechoota walmakanii jiran keessatti –an fufii yaasaa keessatti;-ina kan jedhu immoo fufii hortee keessati ibsaniiru.Walumaa galatti qabxii barattoonni kun galmeessisaniifi dogoggora xiqqoo uumanirraa wanti hubannu dandeettii jarri gama kanaan qabanu gaarii akka ta'e hubanna.

Gama biraatiin barnootni dabalataa osoo hinkennaminiif kan qoraman (%20) keessaa qabxii 7 kan argatan 7 ( %35) yoo ta'u;jechoota fayyadamuun dhamjechoota jala sararuun dogoggora agarsiisan keessaa :kottu <u>deemi</u>,fagaa<u>tee</u>, fayya <u>qabeessa</u>,nam<u>oota</u>,horat<u>an</u>,kan jedhu jalatti kan jala murame jecha ta'uu kan agarsiisudha malee fufii yaasaa kan ibsu miti.Dhamjechoonni :{ -tee,-oota,-an'}n fufilee hortee ta'anii tajaajilu waan ta'eef. Dogorri fufii hortee keessatti ibsan dadha<u>baa</u>,kalla<u>ttii</u>,eess<u>atti</u> kan jedhuuf dhamjechii jala sararame fufii hortee hin ibsu. Jechoota kana keessaa fufii hortee kan ibsu dhamjecha {–afi-i} dha. Kana malees qajeelfama itti aanu keessatti dhamjechoota fufiilee yaasaafi hortee agarsiisan waljala butuun dogogora kan ibsanidha.Bu'aa barattoonni galmeessisan irraa kan hubatamu hanqinni dandeettii kanaa akka jiru nuhubachiisa.

Qabxii 8 kan fidan 4 (%40) kan ta'an dhamjechoota fufii yaasaa jala sararuun agarsiisan keessatti dogoggorri mul'ate:<u>namummaa</u>,<u>barsiisaa</u>,<u>naannoo</u>,<u>diimaa</u>,<u>gargaarsisan</u>,namum<u>maa</u>,gargaar<u>sa</u>

kan jedhan yemmuu ta'u,kanneen jala muraman hundi isaanii jechoota ta'uu mul'isu malee fufii yaasaa hinibsan.Kana keessatti barattoonni jechaafi dhamjecha illee kan addaan hinbaafane ta'uu nuhubachiisa.Gama biraatiin fufiilee hortee fi yaasaa waljala makamanii barreeffaman keessatti dogoggori jiru;fufii yaasaa jalatti:-n kan ibsan yoo ta'u;fufii hortee keessatti immoo dhamjecha {–ina} kan jettu fayyadamaniiru.Qabxii barattoonni galmeesissan kana irraa hanqinni dandeetti dhamjecha hirkataa jiraachuu hubanna.

Qabxii 9 kan fidan 8 (%45) yoo ta'u jechoota fayyadamuun dhamjechoota fufii yaasaa jalatti dogogora jala sararan keessaa:mure, lammilee,daandiwwan,saroota,namoota kan jedhan yemmuu ta'u jarreen kun hundi isaanii fufii horte mul'isu.Fufii hortee jalattis,jechoota lammilee,daandii,namoota kan jedhan jalatti dhamjechootni jala sararaman hundee agarsiisu malee fufii hortee hin ibsan.Dabalataanis dhamjechoota fufii yaasaa fi hortee walmakanii dhiyaatan irrattis dogogora fayyadamaniiru.

Qabxii 10 kan galmeesissan 9 (%50) yoo ta'u,dogoggora barattoonni dhamjechoota fufii yaasaa jalatti ibsan keessaa:biyya,kankoo,kankeenya fi garmalee kan jedhanidha.Kanneen jala sararaman kunis jecha ta'uu ibsu malee fufii yaasaa hin agarsiisan.Gama biraatiin fufii hortee keessattis,jecha araade,siikse,qusannaa kanneen ta'an jala sararamanis hundee jecha sanaa mul'isu malee fufii hortee hin agarsiisan.Fufilee yaasaafi hortee waliin makamanii barreeffaman keessattis waljala butuun dogoggora kan barreessan yemmuu ta'uu rakkoon hubannaa jiraachuu nuhubachiisa.

Barattoonni qabxii 12 kan fidan 9 (%60) yemmuu ta'u,Jechoota fayyadaman keessatti fufii yaasaa ibsan:danuu,beekumsa,muraasa,deemsa,qajeelfama,agarsiisuun,qajeelfaman,barreeffaman kan jedhu keessatti fufii yaasaa kan mul'isu hinjiru.Fufii hortee keessatti jechoota fayyadaman keessatti dogoggori mul'ate,deemsa,diimesse,kan jedhudhu keessatti dhamjechi jala sararame fufii hortee hin agarsiisan.

Qabxii 14 kan fidan immoo 9 (%70) yoo ta'u,dogoggorri kana keessatti mul'ate immoo jechoota:halaala,bartummaa,olaantummaa,firoomee,caroomee,biyyaa,kan keenya,kan jedhu jalatti dhamjechoonni jala sararaman fufii yaasaa hin agarsiisan.Jechootuma kana irraa fufii yaasaa kan agarsiisuu {–oom,-ummaa} kan jedhu ta'a.Fufii hortee jalatti immoo kan ibsaman:koo,nyaate,yaabe,nama,keessa yemmuu ta'u,dhamjechoonni jala sararaman hundi fufii

hortee hin agarsiisan.Dabalataanis dhamjechoota waliin makamanii dhiyaatan dogoggora waljala butuun kan adda baasanidha.

Barattoonni qabxii 16 kan argatan 6 (%80) kan deebisan yoo ta'uu,dogoggori deebii laatan keessatti fufii yaasaa jala sararuun agarsiisan deeman,nyaate,korate,adeeme,sa'oota,namoota kan jedhan yoo ta'uu kanneen jala muraman hundi fufii yaasaa hinagarsiisu.Jechoota kana keessaa fufii yaasaa kan agarsiisu dhamjecha {–at }kan jedhudha.Fufii hortee keessatti immoo jechota kaleessa,nama fi kutee kan jedhu jalatti kan sararame fufii hortee hin ibsu.Dhamjechoota fufii yaasaa fi hortee waliin makamanii dhiyaatan keessatti kan dogoggorame dhamjechoota fufii yaasaa {–lii fi-lee} yoo ta'u;fufii hortee jalatti immoo dhamjecha{ –am} jettu ibsaniiru.

Garaagarummaa barattoota garee lamaanii kana yemmuu ilaalluu barattoonni barnoota dabalataa kannameef dandeettiin isaanii dhamjechoota hirkataa irratti agarsiisan jijjiirama gaarii akka mul'isan nama hubachiisa.Kanneen barnootni dabalataa osoo hin kennaminiif qoraman immoo hanqina kan qabaniifi jijjirama kan hinagarsisne.

+

**DABALEE B**

QORMAATA MARSAA LAMMAFFAA

Maqaa Mana Barumsaa Senxaa Sad 2ttaa

Saala:Dhi_____ Dha ✓

Qajeelfama:Jechoota shan shan fudhachuun dhamjecha hundee,fufii(yaasaa fi hortee)qaban addaan baasuun agarsiisi.

| Fufii yaasaa | Fufii hortee |
|---|---|
| A lamaa'umman | A damma |
| B namoomaa | B tekkoo |
| C aramaa | C Yeekiin |
| D gaaridhaa | D sa'aa |
| E saaumman | E nama |

2

Qajeelfama;Fufiilee hortee fi yaasaa waliin makamanii barreeffaman addaan baasiiti barreessi.

| | |
|---|---|
| -ummaa | -lii |
| -n | -ina |
| -lee | -oom |
| -at | -am |
| -a | -an |

| Fufii yaasaa | Fufii hortee |
|---|---|
| -ummaa | -n |
| -am | -an |
| -ina | -a |
| -lee | -am |
| -lii | -at |

6

8/20

**Gabatee 6ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’uura Tajaajilaatiin**

**Qormaata marsaa lammaffaa barattoota mana barumsaa Sonxaa**

| Kan qoraman | Barnoota dabalataa kan kennameef | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Saala | Lakk. | Qabxii | %dhaan |
| | Dhi | 1 | | |
| | Dha. | 1 | 8 | 40 |
| Dhi.4 | Ida’a. | 2 | | |
| | Dhi. | - | | |
| Dha.6 | Dha. | 1 | 10 | 50 |
| | Ida’a. | 1 | | |
| Ida’a.10 | Dhi | 1 | | |
| | Dha. | 1 | 14 | 70 |
| | Ida’a. | 2 | | |
| | Dhi. | 2 | 16 | 80 |
| | Dha. | 2 | | |
| | Ida’a. | 4 | | |
| | Dhi. | - | | |
| | Dha. | 1 | 18 | 90 |
| | Ida’a. | 1 | | |

Gabatee 6ffaa kana irratti akkuma argamu barattoonni mana barumsaa Sonxaa sad.2ffaa barnoota dabalataa fudhatanii kan qoraman %20 keessaa qabxii 8 kan galmeessan 2 (%40) yoo ta’u,Jechoota fayyadamuun fufii yaasaa jala keessaa:lammiiwwan,aramaa,gaariidha,saawwan kan jedhu yoo ta’u,dhamjechoonni kunneen fufii yaasaa hinmul’isan.Sababni isaas,dhamjechi jala sararame hiika ykn garee jecha sanaa waan jijjiire hinqabu.Fufii hortee ilaalchisees,dhamjechoonni jala muraman damma,tokko,yookiin,sa’a jedhaman keessatti fufii hortee hin agarsiisan.Sababni isaas,fufiin horteen tajaajilota caaslugaa agarsiisu waan ta’eef kan jala muraman immoo fufii hortee kana hin mul’isan.Dhamjechoonni fufii yaasaa fi hortee waliin makamanii barreeffaman irrattis,dhamjechi {–lee,-lii} fufii yaasaa keessatti yemmuu ibsan;dhamjecha {–am,-at} immoo fufii hortee jalatti ibsaniiru.Kun immoo dogoggora sababni isaas,dhamjechi {–am fi –at} fufii yaasaa yemmuu agarsiisan;dhamjechi {–lii fi lee’n} fufii horte mul’isu waan ta’eef.

Qabxii 10 kan galmeessan 1 ( %50) yemmuu ta'uu,Jechoota fufii yaasaa jalatti dhamjecha jala sararuun agarsiisan : barsiisa,nama,diimaa,gargaarsa kan jedhu keessatti dhamjechi jala murame fufii hortee agarsiisu malee fufii yaasaa hinmul'isan.Fufii hortee jalatti immoo :hoolaa,namoota,baratame kan jedhan yemmuu ta'u;dhamjechoonni jala muraman fufii hortee kan ibsan miti.Jechoota kana jalatti dhamjechoonni fufii hortee agarsiisu {–a fi-oota} kan ta'edha.Qajeelfama itti aanu keessattis,dhamjechoonni waliin makamanii dhiyaatan keessaa{ –lii fi –lee} dhamjecha yaasaa keessatti ibsaniiru.Kun immoo dogoggora.Sababni isaas,dhamjechoonni kun fufii hortee waan ibsaniif.

Qabxii 14 kan fidan 2 ( %70) kan ta'an yemmuu ta'uu,jechoota gargaaramuun fufii yaasaa jala muruun agarsiisan:adaddummaa,jaalatamummaa kan jedhudha.Kanneen jala muraman kun hiika yookiin garee jechaa waan hinjijjiireef fufii yaasaa hinibsan.Fufii hortee jalatti immoo jechoota:yoom fi afaan jedhu keessatti dhamjechi jala sararame fufii hortee hin agarsiisu.

Qabxii 16 kan fidan 4 (%80) yammuu ta'uu, Jechoota dhamjechoota yaasaa agarsiisan jalatti kan jala sararame:qabamee,mataa kan jedhuuf fufii yaasaa hin ibsu.Sababni isaas,jechoota kana irraa dhamjecha {–am} jettu qofaatu fufii yaasaa agarsiisa waan ta'eef.Haata'u malee dhamjechi mat-jedhu hundee jechaa agarsiisa malee fufii horte hin ibsu.

Qabxii 18 kan galmeessisan 1 ( %90) yoo ta'u;Dhamjechoota fufii yaasaa fi hortee waliin makamanii dhiyaatan keessatti dhamjecha {–an }jettu fufii yaasaan kan ibsan yoo ta'u;dhamjecha {–ina} jettu immoo fufii hortee jalatti dogoggora ibsaniiru.Sababni isaas,dhamjechi{ –an} fufii hortee yoo ta'u;dhamjechi{ –ina }jettu immo fufii yaasaa agarsiisti waan ta'eef.

**DABALEE B**

QORMAATA MARSAA LAMMAFFAA

Maqaa Mana Barumsaa Sonxaa Sad. 2ffaa

Saala:Dhi ✓ Dha____

Qajeelfama:Jechoota shan shan fudhachuun dhamjecha hundee,fufii(yaasaa fi hortee)qaban addaan baasuun agarsiisi.

| Fufii yaasaa | Fufii hortee |
|---|---|
| A gaarummaa | A gaarii |
| B gammaada | B dadhabaa |
| C kootttuu deenii | C kennamee |
| D Faagaatee | D kallattii |
| E fayyaa gabeesa | E essattii |

3

Qajeelfama;Fufiilee hortee fi yaasaa waliin makamanii barreeffaman addaan baasiiti barreessi.

| | |
|---|---|
| -ummaa | -lii |
| -n | -ina |
| -lee | -oom |
| -at | -am |
| -a | -an |

| fufiilee ~~hortee~~ yaasaa | Fufiilee ~~yaasaa~~ hortee |
|---|---|
| -oom | -an |
| -lii | -am |
| -ina | -n |
| -a | -lee |
| -ummaa | -at |

6

9/20

**Gabatee 7ffaa Dhamjecha Hirkataa Bu’uura Tajaajilaatiin**

**Qormaata Marsaa 2ffaa Mana barumsaa Sonxaa**

| Kan qoraman | Barnootni dabalataa osoo hinkennamin | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Saala | Lakk. | Qabxii | %dhaan |
| | Dhi. | 2 | | |
| Dhi.5 | Dha. | 1 | 7 | 35 |
| | Ida’a. | 3 | | |
| Dha.5 | Dhi. | 1 | | |
| | Dha. | 2 | 9 | 45 |
| Ida’a.10 | Ida’a. | 3 | | |
| | Dhi. | 1 | | |
| | Dha. | 1 | 13 | 65 |
| | Ida’a. | 2 | | |
| | Dhi. | 1 | | |
| | Dha. | 1 | 14 | 70 |
| | Ida’a. | 2 | | |

Haaluma kanaan barattoonni barnoota dabalataa osoo hin kennaminiif kan qoraman %20 keessaa qabxii 7 kan galmeessise 3 (%35) yemmuu ta’uu,Jechoota fayyadaman keessatti dhamjechoota fufii yaasaa jala sararuun agarsiisan keessaa:galame,namoota,gamaa kanneen jedhan jalatti fufii yaasaa hin agarsiisan.Sababni isaas,jechoota kana keessatti dhamjechi fufii yaasaa mul’isuu {–am} kan jettu qofaadha.Fufii hortee jalatti immoo jaarsa,jaamee kan jedhu keessatti dhamjechi jala sararame fufii hortee hin ibsu. Qajeelfama lammaffaa keessatti fufiilee horteefi yaasaa waliin makamanii dhiyaatan keessatti dogoggorri jiru dhamjecha {–n fi –lee} fufii yaasaa keessati kan ibsaman yoo ta’u; dhamjechi {–oom fi –ina} jedhu immoo fufii hortee keessatti ibsamaniiru.Kanaaf dhamjechi {–n fi –leen} fufii hortee,dhamjechi {–oom fi –ina} jedhu immoo fufii yaasaa ta’uu qaba.

Qabxii 9 kan argate 3 (%45) yemmuu ta’u,jechoota fayyadamuun dhamjechoota jala muranii agarsiisan:gammadaa, kottuu deemi,fagaatee,fayya qabeessa kan jedhu jalatti fufii yaasaa kan ibsu hinjiru.Sababni isaas,dhamjechoonni kunneen,hiika ykn garee jechaa kan jijjire hinjiru waan ta’eef.Fufii hortee jalatti immoo jechoota kallattii,eessatti kan jedhu keessatti dhamjechi jala

sararame fufii hortee hin agarsiisu.Jechoota kana jalaa fufii hortee kan agarsiisuu dhamjecha {–ii fi-i} dha.Dhamjechoota fufii yaasaa fi hortee waliin makamanii dhiyaatan keessattis,fufii hortee dhamjecha {–am fi –at} dogoggora kan ibsanidha.Sababni isaas,dhamjechoonni kunneen fufii yaasaa ibsu waan ta'eef.Kana malees,dhamjecha {–lii fi –a} fufii yaasaa jalatti ibsani dogoggoradha. Sabani isaas,dhamjechi kun fufii yaasaa kan ibsanidha.

Barattoonni qabxii 13 kan argate 2 ( %65) yoo ta'ani jechoota fayyadaman keessatti dhamjechoonni jala muramanii ibsaman barsiisaa,diramaa,gargaarsa jedhaman keessatti dhamjecha yaasaa kan ibsan miti.Fufii hortee jalatti immoo lubbu- qabeessa kan jedhu kan jala sararame jecha malee dhamjecha hortee hin ibsu.Gama biraatiin dhamjechoota waliin makamanis,fufii yaasaa jalatti dhamjechi {–lii fi-lee' }dogoggoradha.Sababni isaas,dhamjechooni kun fufii hortee ibsu waan ta'eef.Fufii hortee jalatti immoo dhamjechi {–ina fi –am} jedhamanis,dogoggora.Jarreen kunis dhamjecha yaasaa kan agarsiisanidha.

Qabxii 14 kan galmeessise 2 (%70) yemmuu ta'an,Jechoota tarreeffaman keessaa:falmite,jala kan sararame fufii hortee hin ibsu.Sababni isaas,jecha kana irraa dhamjechi ibsu {–e} kan jettu waan ta'eef.

Dhamjechoota fufii yaasaafi hortee waliin makaman keessatti –oom,-am hortee jalatti kan ibsan yoo ta'u;yaasaa jalatti immoo dhamjecha {–lii fi –a} kan barreessan dogoggora.Sababni isaas,dhamjechi {–lii fi –a}'n fufii hortee yoo ta'u,dhamjechi {–oom fi –am'}n fufii yaasaa ta'anii tajaajilu waan ta'eef.

Garaagarummaan qabxii barattoota kana irraa wanti hubatamu barnoota dabalataa kanneen kennameef jijjiirama guddaa kan agarsiisan yemmuu ta'u,barnootni dabalataa osoo hinkennaminiif kan qoraman immoo dandeettiin dhamjecha hirkataa irratti qaban hanqina akka qabu mul'isa.

### 4.4. Sakata'a Dokumantii

Sakaatta'a dokumantii kana keessatti abbaltii barsiisaan dhamjechoota hirkatoo irratti kenne qabxii jarri galmeesissaniin kan sakatta'amee xiinxalamedha. Gaafileen bu'uuraa sakata'a dokumantii kana keessatti deebii argatanis,gaaffii 1ffaa,2ffaa fi 3ffaa dha.Qabiyyeen abbaltii kanaas dhamjecha hirkataa bu'uura tajaajilaan fufii horteefi fufii yaasaati.Akkasumas,bu'uura bakkaatiin fufii duraa,duubaafi naannee kan of keessatti qabatedha. Kunis mana barumsaa

Hurrumuufi Sonxaa abbaltiin jarri kennan gareedhaan dhibbeentaa (%10) keessaa yemmuu ta’u,kan mana barumsaa Hurrumuu kan garee 10fi kan mana barumsaa sonxaa immoo kan garee 6 1akkoofsaafidhibbeentaadhaan sakkata’uun kan qaacceffamedha.

**Gabatee 8ffaa**

**Abbaltii barattoota mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa lammaffaaf kenname**

| Garee | Qabxii | %dhaan |
|---|---|---|
| 3 | 6 | 60 |
| 3 | 7 | 70 |
| 2 | 8 | 80 |
| 2 | 9 | 90 |

Gabatee armaan oliirraa wanti hubatamu barattoonni mana barumsaa Hurrumuu sad.2ffaa gareen 3 %10 keessaa qabxii 6 kan galmeessan yemmuu ta’uu (’%60) deebisaniiru.Gareen 3 immoo qabxii 7 argachuun (%70) kan argatanidha.Dabalataanis,gareen 2 qabxii 8 argachuun ( %80) kan galmeessisan yemmuu ta’u gareen 2 immo qabxii 9 argachuun (%90) galmeessisaniiru.Barattoonni qabxii galmeesisan kana irraa kan hubatamu dandeettiin isaan dhamjecha hirkataa irratti qaban gaarii akka ta’edha.

**Gabatee 9ffaa**

**Abbaltii barattoota mana barumsaa Sonxaa kennameef**

| Garee | Qabxii | % dhaan |
|---|---|---|
| 1 | 5 | 50 |
| 2 | 7 | 70 |
| 2 | 8 | 80 |
| 1 | 9 | 90 |

Gabatee kanarraa kan hubatamu barattoonni mana barumsaa sonxaa gareen 1 %10 keessaa 5 kan argatan yemmuu ta’u (%50) kan deebisanidha.Gareen 2 immoo 7 argachuun (%70) galmeessisaniiru.Gareen 2 garuu 8 argachuun (%80) kan galmeessisanidha.Gareen 1 qabxii 9 argachuun (%90) kan deebisanidha.Qabxii barattoonni galmeessisan irraa kan hubannu dandeettiin jaraa fooyya’aa dha.

Kan mana barumsaa lammanniyyuu qormaata kennamerra qabxiin jarri abbaltii irratti galmeessisan gaarii kan jedhamudha.Sababni isaas abbaltii laatamef kana kitaabilee wabii adda adda dubbisuun gareen irratti maryachuun waan hojjetaniifdha.

## 4.5. Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisotaa

Kutaa kana keessatti af-gaaffiin barsiisota mana barumsaa Hurrumu sad.2ffaa fi Sonxaa sad.2ffaa dandeettiin barattootaa dhamjechoota hirkatoo irratti qaban maal akka fakkaatuu fi hanqiinaaleen akka waliigalaatti jiraachuu danda'u odeeffannoo qabatamaa akka kennaniif yaadameeti.Gaafileen bu'uura af-gaaffiin kun deebisees,gaaffii 2ffaa,3ffaa fi 4ffaa yemmuu ta'u;baayyinni af-gaaffii kanaas 10 kan ta'eefi,haala gaafichi walitti dhiyyatuun kan xiinxalamedha.

**Barattoonni mana barumsaa keessan keessatti barsiiftan dandeettiin dhamjechoota hirkatoo irratti qaban maal fakkaata?**

Yaadni deebii kennitoota af-gaaffii kanaa hundi isaanii Barattoonni nuti barsiisnu dhamjechoota hirkatoo adda baafachuu irratti hanqina bal'aa qabu.Sababni isaas akkuma beekamu jechi tokko dhaamsa ykn ergaa tokko ykn tokkoo ol qabaachuu danda'aa.Jechi tokko kunis dhaamsa adda addaa agarsiisanitti addaan baafachuun beekuun nidanda'ama.Haata'u malee barattoonni nuti barsiifnu kun:dhamjechoota ergaa tokko qofa qaban kam faa akka ta'an addaan baafachuu irratti,.dhamjechoota uumamtee addaan baafachuu irratti akkasumas,dhamjechoota hortee, hundee jechootarraa baafachuu irratti hanqina qabu jechuun yaada isaanii kennaniiru.

**Fedhiin barattoota dhamjechoota hirkatoo Afaan Oromoo hubachuuf qaban maal fakkaata?**

Akka deebii kennitoota "A","C" fi "D" jedhanitti "Fedhiin barattoonni dhamjechoota hirkataa hubachuuf qaban gadaanaadha.Sababni isaas barattoonni dhamjechoota hirkatoo hubachuuf fedhii dhabuufi akka waan beekanitti of ilaaluu.Dabalataanis qophiin kitaaba barataa dhamjechoota hirkatoo barsiisuurratti ifa ta'uu dhiisuufi shaakala ga'aa dhabuu akkasumas yaadannoofi ibsa dhabuutu waan mul'atuuf barattoonnis fedhii dhabu"jechuun ibsaniiru.Deebii kennitoonni "B"fi "E"garuu qophiin kitaaba barataa dhamjechoota hirkatoo barsiisuu irratti ifa akka hintaaneefiyaadannoo ga'aa akka hinqabne ibsu.Haata'u malee,shaakalli kitaaba barataa keessatti argamu dandeetti barataa cimsuuf ga'aa akka ta'e yaada isaani eeraniiru.

**Qabiyyeen dhamjechoota hirkatoo kitaabilee baratаа keessatti dhiyaate yaadannoofi fakkeenyi kenname ifaadhaa?**

Yaada kanas,deebii kennitoonni hundi akka jedhanitti ”Akkuma gaaffii 4[ffaa] keessatti kaasuuf yaalle qophiin kitaaba barataa keessatti qabiyyeen waa’ee dhamjecha hirkataa dhiyaatee jiru barataa sanaaf yaadannoo ifa ta’eefi fakkeenya barataa hubachiisu ga’aa hinqabu”.jechuun yaada isaani laataniiru.

**Qabiyyeen dhamjechoota hirkataa Afaan Oromoo kitaaba barnoota keessatti argaman yeroo barsiiftan mijataafi yeroo kenname keessatti kan xumuramudhaa?**

Deebii kennitoonni hundi isaanii akka jedhanitti “Qabiyyee kana yeroo barsiisnu mijataa miti”.Sababni isaas,Haala baruuf barsiisuu keessatti barattoota kana barsiisuuf ykn dhamjecha hirkataa hubachiisuuf shaakalli fi yaadannoo ga’aan waan hinjirreef mijataa miti Kana waan ta’eef waa’ee dhamjechoota hirkatoo kitaabilee garaagaraa irraa barbaaduun barattoota kana barsiisuuf dirqamna.Yeroo kanatti immoo yeroon ykn sa’aatiin qabiyyee kana barattoota hubachiisuuf laatame ga’aa hinta’uu jechuudha”.jechuun yaada isaanii eeraniiru.

**Qabiyyee kana yemmuu barsiisftu mala akkamii gargaaramuun barsiiftaa?**

Akka deebii kennitoota “C”,”D” fi “B”tti “Mala od ibsaatti gargaaramuun barsiifna”.Sababni isaas barattoonni waa’ee dhamjecha hirkatoo hubannoo ga’aa hinqaban waan ta’eef kitaabilee adda addaarraa dubbisnee waan arganne irraa yaadannoo kennaafi ibsa laanna.Kanaafuu irra jireessaan mala od-ibsaatti fayyadamuun barsiisna”. jechuun ibsan.Yaada kana irraattis deebii kennitoonni “A”fi ”E”n mala od ibsaafi marii gareettii gargaaramuun barsiifna jechuun ibsaniiru.Tooftaa kana lamaanitti akkaataan itti fayyadamnus,erga yaadannoofi ibsa laanneefi booda gaaffii muraasa qopheessuun akka isaan maryatanii walhubachiisanu goona” jechuun ibsan.

**Daree keessatti qabiyyee kana yemmuu barsiiftu madaalli akkamii gaggeessitaa?**

Deebii kennitoonni hundi isaaniyyuu“Madaalliin gaggeesinu,hojii manaa fi gaaffii barreeffamaatiin madaalla.”jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

**Dandeettii dhamjechoota hirkatoo barattootaa qabaachuu ilaalchisee ga'ee isaa ba'achuu kan qabu eenyudha?**

Gama kanaanis, dandeettii barattootaa kana irratti "ga'ee isaa kan ba'achuu qabu adda durrumaan barsiisaa fi barataadha."jechuun deebii kennitoonni "A","D","B" fi "E" yaada isaanii laataniiru.Deebii kennaan "C" 'n garuu ga'e isaa kan ba'achuu qabu barsiisaafi barataan akkuma jirutti ta'ee,Dippaartimeentiin Afaan orommos ga'ee isaa ba'achuu qaba.Fkn.Barsiisotni barnoota dabalataa barattootaaf akka kennan haala mijjeessuu fi kaka'umsa gochuun ga'eessaa ba'achuu danda'aa jechuun ibseera.

**Hanqinnoonni mul'atan jettanii yaaddanuufi yaada furmaataa ibsaa**

Deebii kennitoonni hundi isaanii akka jedhanitti yaadni furmaataa gara fuulduraatti ta'uu qabuu:" Qabiyyeen kitaaba barataa keessa jiru fooyya'uu, qabiyyeen barnoota haala baruu barsiisuu barataaf mijatuutti qophaa'uu.fkn.kitaabni barataa yaadannoofi ibsa ga'aa qabaachuu fishaakala bal'aa qabaachuun dirqama" jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

# BOQONNAA SHAN: Guduunfaa,Argannoo fi Yaada Furmaataa

## 5.1. Guduunfaa Qorannichaa

Qabxiiwwan ijoo boqonnaa 5ffaa keessaa tokko guduunfaa dha.Mata dureen qorannoo kanaa hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo baarattoota kutaa 11ffaa manneen barnootaa Hurrumuu sadarkaa lammmaffaafi sonxaa sadarkaa lammaffaa kanneen filataman keessatti.Bakkki qorannoon kun itti gaggeefames,Godina I/A/Booraa Aanaa Hurrumuu mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa lammaffaafi Sonxaa sadarkaa lammaffaa yemmuu ta'uu kaayyoon qorannoo kanaas,dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa mana baarumsaa Hurrumuu sadarkaa 2ffaafi Sonxaa sadarkaa lammaffaa maal akka fakkaatuufihanqina mul'ate sakata'uun adda baasuudha.

Odeef kennittoonni qorannoo kanaas barattootaafi barsiisota mana barumsaa HurrumuufiSonxaa sadarkaa lammaffaa yoo ta'an,barattoonni odeefannoo kennitoota ta'an,irraawatamni qorannichaa kan mana barumsaa Hurrumuu kutaa 11ffaa baratan 511fi Sonxaa sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa kan baratan 96 ida'ama 607 keessaa %20 irraa barattoota 122 mala carraattii fayyadamuun kan adda bahanidha.Akkasumas,barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan 5 mala amargeetti fayyadamuun iddattoo qorannichaa ta'anii jiru.

Kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uuf,meeshaalee funaansa ragaa kan akka:Qormaataa, sakkata'a dookimentii fi af-gaaffii gargaaramuun qorattuun xiinxaltee jirti.

## 5.2. Arganno

Argannoo xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa irratti taasifameen hanqinaaleen mul'atan haala armaan gadiin ibsamaniiru.

Barattoonni mana barumsaa Hurrumuu fi Sonxaa sadarkaa lammaffaa dhamjechoota hirkatoo tajaajila caasluga adda addaa agarsiisan addaan baasanii beekuu irratti hanqina guddaa akka qaban argameera

Barattoonni dhamjechoota hirkatoo bakka argama isaanii jechuunis; fufii duraa,duubaa fi naannee kan ta'an addaan kan hinbaafanne ta'uu mul'ateera.

Baratootaaf deggarsa tiitooriyaalii kennuufi kennuu dhiisuu giddu garaagarummaan akka jiruu qormaata marsaan kennamerra hubachuun danda’ameera.Qormaata barattootaa irraa akka argametti jechoota irraa dhamjechoota hirkatoo addaan baasuu bakka qabanitti gaalee fi himaan ibsuun hubannaa dhamjechoota hirkatoo akka hinqabne mul’iseera.

Ragaan af gaaffii barsiisota irraa argames akka agarsiisutti, barattoonni dhamjechoota hirkatoo hubachuu irratti fedhii dhabuu fi akka waan beekanitti ofilaaluu isaanii hanqina dandeettii kanaa akka uumamu kan taasise ta’uu mul’ateera.

Dabalataanis kitaabni barataa dhamjechoonni hirkataan akkaataa akaakuu isaaniitiin (unkaan, tajaajilaan, bakka galumsaa fi qabiyyeen) adda ba’anii yaadannoofi fakkeenya ga’aa dhabuun hubatameera.

Akkasumas, barattoonni dandeettii dhamjechoota hirkatoo kana akka hubataniif kitaabileen wabii ga’aa ta’e mana barumsaa keessa dhabamuun rakkoo guddaa akka itti ta’e yaada barsiisotarra argameen hubachuun danda’ameera.

## 5.3. Madda hanqinaalee dandeettii dhamjechoota hirkatoo barattootaa

A. Barsiisonni sadarkaa barattoota adda baasuun barnoota dabalataa kennuu hafuu.

B. Barattootaaf barsiisonni fedhii itti horuufi kaka’umsa gochuu hafuu.

C.Qabiyyee dhamjechoota hirkatoo kitaaba barataa keessatti akkaataa akaakuu isaaniitiin yaadannoofi ibsa ga’aadhaan dhiyaachuu hafuu.

D. Kitaabileen wabii dandeettii kana fooyyeessuu danda’an mana barumsaa keessaa dhabamuu.

## 5.4. Yaada Furmaataa

1. Barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisan barattoota sadarkaa gadi-aanaa,giddu-galeessaa fi olaanaa ta’an adda baasuun barnoota dabalataa ykn keessa deebii waa’ee dhamjechoota hirkatoo akaakuu isaaniitin osoo kennamee gaarii dha.
2. Barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisan rakkoo barattootaa adda baasuun fedhiifi kaka’umsa itti horuun barnoota Afaan Oromoo jaalalaan akka baratanii hubatan osoo godhani filatamaadha.
3. Barattoota gareen ijaaruun jechoota irraa dhamjechoota hirkatoo baasuun akka walbarsiisan utuu ta’ee gaariidha.
4. Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan, itti gaafatamaa dippaartimentii waliin maryachuun kitaabilee wabii barattoota kana gargaaruu danda’u waajjira mana barumsaa hubachiisuun akka bitanii mana kitaabaa keessa ka’an yoo taasisame gaariidha.
5. Qabiyyeen barnootaa kitaaba barataa keessa jiru haala baruu barsiisuuf mijataa ta’etti yoo qophaa’ee gaarii ta’a.
6. Barsiisaan akaakuu dhamjechoota hirkatoo ta’an shaakala adda addaa qopheessee shaakalchiisuun madaallii yoo kenneef jijjiiramni dhufu gaarii ta’a.

## Wabiilee


Abarraa Nafaa fi kanneen biroo. (1998). *Caasluga Afaan Oromoo.* (maxxansa 3ffaa) jildii I, Addis Ababa:Branna printing Interprise.

Abdulsamad Muhammad. (1994). *Seerluga Afaan Oromoo.* Caffee Oromiyaa:Finfinnee

Addunyaa Barkeessaa. (2021) .*Semmoo, Bu'uura barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo.* Maxxansa 6ffaa Oromiyaa, Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa:Yaadrimee qorannoo Hujoo*. Finfinnee:Alem printing PLC.

Adduyaa Barkeessaa (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*: Finfinnee Oromiyaa.

Assaffaa Tafarraa.(2009). *Eela:Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee,Far East-trading Plc.

Bauer, L (1983). *Engish word Formation*. Cambridge University press.

Creswell, J. (2012).*Educational Reaserch*: planning,conducting and Evaluating Quantitative and Qualitative Reaserch (4th ed).Boston:pearson Education Inc.

Chomsky,N.(1965). *Aspects of the theory of syntax*. cambrige : MIT press.

Chomsky, N.(2002). *On Nature and Language*. Cambridge:Cambridge Univesity press.

Dastaa Dassaleenya. (2013).*Bu'uura qorannoo* .Finfinnee : Far east Trading Plc.

Dessaaleny Assaffaa.(2011).*Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechoota Hirkatoo*:Kitaabilee Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa .Waraqaa Digrii lammaffaa guutachuuf qophaa'ee. Kan hinmaxxanfamne.Finfinnee.

Dornyei.Z. (2007) *Research method in applied linguistics* .Quantitatives, Qualitative and mixed Metodologes Oxford Univarsity Press.

Duulaa Dilboo.(2008).*Qaaccessa Qabiyyee Dhamjechoota Afaan Oromoo* Kitaaba Barataa Kutaa 12ffaa.Waraqaa Digrii lammaffaa gamiisaan guutachuuf qophaa'e.Kan Hinmaxxanfamne. Finfinnee.

Finch,G.(2003).*Key Concepts In Language and Linguistics* 2nd (edt.)Haundsmills BasingstokeHampshire, New York:Palgrave Macmillan.

Fromkin,V.(2003).*An Introduction to language.*7th.(edt).United state:Haine and Thomson.

Filee Jaallataa,(2019) .*malleen qorannoo.* Finfinnee, Oromiyaa.mana maxxansaa: ADP (press)

Lyons, John.(1981).*Language and Linguistics An Introduction*.Cambridge:Cambridge University press.

Katamba.F. (1993) *Modern Lingustics Morphology*.USA The Macmillan Press Ltd.

Kirsten, M (1998) *"Morpheme".* Unpublished, student,university of North Carolina at Pembroke.

Harmer ,J.(1987), *Teaching learning Grammar* .Cambridge: long man .

Harmer,J. (1991). *The practice of English language Teaching*.UK:Longman York press.

Haspelmath, M. (2002).*Understanding Morphology*. 2nd (EDT.)Hodder Amold.

Ijaaraa Baatuu, (1999).*Haala Dhiyeessa Xiinlatii Afaan Oromoo Daree Barnootaa Keessattii*: Haala Barattoota Kutaa Kudha Tokkoffaa Mana barumsaa Qophaa'ina Gobbaa. Ababaa Univarsitii. (MA thesis).

Gragg, Gene,B.(1976). *The Oromo of wollega.*" In Bender.1976. The Non-sementic Language Of Ethiopia.East Lansing:African study center,Michigan state university press.pp 165-190.

Kirsten, M. (1998). *"Morphemet,"* Unpublished, student, university of North Carolina at pembro Ke.

Mc Carthy, Michael.(2001). *Issues In Applied Linguistics*.Cambridge: Cambridge University press.

Mc Dougal,L.(1989). *Littell English,Orange level.* Analyzing word parts to Determin Meaning New York:United State of America.

Mc Graw Hill (Glencoe Hill). (2000).*Grammer and Composition Hand Book*.New York United States of America.

Matthews, P.H. (1991*). Morphology*. (2nd Ed.)Cambridge: Cambridge Univarsity Press.

Mitikkuu Dibbeessaa fi Tashoomee Egeree. (1992*). Xiinjecha: Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2ffaa.* Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii,Ministeera Barnootaa.

O'Grady,W.and Dobbrolovisky, M. (1996). *Cantemporary Linguistics Analysis* :An Introduction. 3rd (edit),Trento copp clark Ltd.

Rabbirraa Tarrafaa. (2009). *Gadaa:* caasluga afaan oromoo kutaa 9fi 10ffaa9 (maxxansa 1ffaa) Finfinnee, Itoophiyaa.

Stern, H.H. (1983).*Fundamental Concepts of Language teaching*.Oxford: Oxford university press.

Yule, G. (1996). *The study of Language 2nd (edt)*.Cambridge: Cambridge Univerity press.

Wardaugh, R.(1977).*Introduction of Lunguistics 2nd* .(edt.),New York :Mc Graw Hill Campany.

ማርታ እሼቱ (2006). ኵራዝ አማርኛ ፣ በአዲስ ስርዓተ-ትምህርት መሰረት የተዘጋጀ፡ አዲስ አበባ፡ ኩራዝ ኢንተርናሽናል አሣታሚ።

## DABALEE A

QORMAATA AFAAN OROMOO BARATTOOTA KUTAA 11FFAATIIF KENNAME

Kaayyoon qorannoo kanaa hanqina dandeettii dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa keessatti argaman dandeettiin isaanii maal fakkaata isa jedhu adda baafachuuf.Kanaaf gaaffilee dhiyaataniif deebii qulqullina,amanamummaa fi xiyyeeffannoo kennitan fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf tumsa guddaa qaba.Kanaafuu shakkii tokkoo malee deebii isin deebistan iddoo guddaa waan qabuuf deegarsa gootan hundaaf galanni keenya guddaadha.

Hub.maqaa keessan barreessuu hinbarbaachisu.

Gaaffiilee dhiyaataniif deebii osoo hinkennin dura odeeffannoo dhuunfaa keessanii guutaa.

1.Maqaa mana barumsaa ________________

2.Saala: Dhiira______Dhalaa______

**QORMAATA MARSAA TOKKOFFAA**

Qajeelfama: Dhamjecha hirkatoo tajaajila raawwii darbe,mathima mul'isu,danummmaa agarsiisu,aantima kallattiifi ,raawwachiisaa ta'uu kanneen agarsiisan jechoota lama lama barreessi.

1. Raawwii darbe  2. Mathima mul'istuu  3. Danummaa  4. Aantima kallattii

______________  ____________  ______________  ______________

______________  ________________  _______________  ______________

5.Raawwachiisaa

_______________

______________

Qajeelfama;Jechoota fufii ofirraa qaban:fufii duraa,fufii boodaafi fufii naannee kan agrsiisuu barreessi.

| 1. Fufii duraa 4 | Fufii boodaa 3 | Fufii naanne |
|---|---|---|
| A .________________ | A. ________________ | A.________________ |
| B.________________ | B.________________ | B.__________________ |
| C.______________ | C.______________ | C.________________ |
| D.______________ | | |

**DABALEE B**

QORMAATA MARSAA LAMMAFFAA

Maqaa Mana Barumsaa:______________________

Saala :Dhi:______ Dha _____

Qajeelfama:Jechoota shan fudhachuun dhamjecha hundee,fufii(yaasaa fi hortee)qaban addaan baasuun agarsiisi.

| Fufii yaasaa | Fufii hortee |
|---|---|
| A______________________ | A________________________________ |
| B ______________________ | B ________________________________ |
| C_______________________ | C_________________________________ |
| D ______________________ | D________________________________ |
| E_______________________ | E_________________________________ |

Qajeelfama;Fufiilee hortee fi yaasaa waliin makamanii barreeffaman addaan baasiiti barreessi.

| | |
|---|---|
| -ummaa | -lii |
| -n | -ina |
| -lee | -oom |
| -at | -am |
| -a | -an |





**Suuraa barattoota qormaata qoramanii**

## Dabalee C

ABBALTII AFAAN OROMOO KUTAA 11FFAA MANA BARUMSAA HURRUMU

SAD.2FFAATIIF KENNAME

I.Jechoota kanaan gadiirraa fufii horteefi fufii uumamtee baasi.

1. Namoonni
2. Gamnummaa
3. Gaangeedhaan
4. Manneen
5. Milkaa’ina
6. Kute
7. Jal’ina
8. Bukaa’e

## DABALEE D

ABBALTII AFAAN OROMOO BARATTOOTA KUTAA 11FFAA MANA

BARUMSAA SONXAA SADARKAA 2FFAATIIF KENNAME

I.Jechoota kanaan gadiirraa fufii duraa,fufii duubafi fufii naannee baasii

Alasoosama

Namoota

Hinbarranne

Bitame

Walqunnamtii

II.Jechoota kanaa gadiirraa fufii horteefi fufii uumamtee baasi

Horate

Nama

Qarate

Nyaachise

Deemsise

**DABALEE E**

# AF-GAAFFII BARSIISOTAA

Kabajamtoota barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2ffaa kaayyoon gaafannoo kanaa qorannoo adeemsisuun yuunivarsiitii Jimmaatti gosa barnootaa Afaan Oromootiin digirii 2ffaa (MA) guutachuuf mata duree xiinxala dandeettii dhamjechoota hirkataa Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa barataa jiran maal akka fakkaatu addaan baafachuuf yoo ta'u,qorannoon kun akka galma ga'uuf yaadni isin kennitan murteessaa waan ta'eef gaaffilee armaan gadiitiif odeeffannoo naa laattaniif isin galateeffadha.

Saala________

Umurii_______

Sadarkaa barumsaa__________________

Tajaajila Barsiisummaa_______________

1. Barattoonni mana barumsaa Hurrumuu sadarkaa 2ffaa (Sonxaa sadarkaa 2ffaa) isin barsiifta dandeettin dhamjechoota hirkatoo irratti qaban maal fakkaata?

A.Hanqina qabuu? B.Hanqina hin qabanii?

2. Yoo deebiin keessan "A" ta'e hanqinni jiru maal maal akka ta'e ibsaa

3. Fedhiin barattootaa dhamjechoota hirkatoo Afaan Oromoo hubachuuf qaban maal fakkaata?

A. olaanaa B.baayyee olaanaa C.gadaanaa

4. Deebiin keessan C yoo ta'e sababa isaa ibsaa.

5. Qabiyyeen dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barataa keessatti dhiiyaate yaadannoo fi fakkeenyi kenname ifaadhaa?

6. Qabiyyeen dhamjechoota hirkataa Afaan Oromoo kitaaba barnootaa keessatti argaman yeroo barsiiftan mijataa fi yeroo kenname keessatti kan xumuramudhaa?

7. Qabiyyee kana yemmuu barsiiftuu mala akkamii gargaaramuun barsiifta?

8. Daree keessatti qabiyyee kana yemmuu barsiiftuu madaallii akkamii gaggeessitaa?

9 .Dandeettii dhamjechoota hirkatoo barattootaa qabaachuu ilaalchisee ga'ee isaa ba'uu kan qabu eenyudha?

A.Barsiisaa   B.Barataa    C.BarsiisaafiBarataa

10. Hanqiinoota mul'atan jettanii yaadanuufi yaada furmaataa ibsaa.

**<u>Gaaffiifi deebii qorattuu fi barsiisota waliin taasifame.</u>**

Barsiisonni Af-gaaffii kana keessatti hirmaatan shan (5) yoo ta'anuu,maqaan isaanii qubeefi lakkoofsaan bakka buufamee kan ibsamedha.

Qorataa = Qo

Barsiisaa/ttuu = B

Qo:  Duraan dursee galatoomaa jechaa maqaa keessaniifi kutaa barsiiftanu naaf ibsaa

B1: Maqaan koo b/siisaa…….kutaa 11ffaa barsiisa.

Qo: Barattoonni mana barumsaa keessan keessatti barsiiftan dandeettii dhamjechoota hirkatoo irratti qaban maal fakkaata?

B1: Barattoonni nuti barsiifnu dhamjechoota hirkatoo adda baafachuu irratti hanqina bal'aa qabu.sababni isaas,jechi tokko dhaamsa ykn ergaa tokko ykn tokkoo ol qabaachuu danda'a .Jechi kunis dhaamsa adda addaa agarsiisanitti addaan baafachuun beekuun ni danda'ama.Haa ta'u malee,baratonni kun dhamjechoota ergaa tokko qofa qaban kamfaa akka ta'an addaan baafachuu irratti hanqina guddaa qabu.

Qo: Baga nagaan dhuftan jechaa jalqaba  maqaa keessaniifi kutaa barsiiftan naaf ibsaa

B2: Baga nagaan nuu eegdan;maqaan koo…………kutaa 11ffaa barsiisa.

Barattoonni mana barumsaa keenya keessatti barsiifnu dhajechoota hirkatoo addaan

baafachuu irratti hanqina qabu.Jechi tokko dhamjechoota adda addaatti qoodamu waan ta'eef ,tajaajilli kennanus bifuma sanaan adda baafachuu irratti hanqina qabu.

Qo: Yaada naaf kennuuf eyamamaa ta'uu keessaniif galatoomaa jechaa maqaa keessaniif kutaa barsiiftan…

B3 : Isinis waan naa affeertaniif galatoomaa jechaa maqaan koo………kutaa 10ffaa barsiisa.

Barattoonni nuti barsiifnu dhamjecha hirkataa addaan baasuu irratti hanqina qabu.

Qo : Baga nagaan dhuftan;dursa maqaa keessaniifi kutaa barsiifta

B4 : Baga nagaan nuu eegdan;maqaan koo …….kutaa 11ffaa barsiisa.

Barattoonni nuti barsiifnu dhamjechoota hirkatoo addaan baafachuu irratti hanqina qabu.Sababni isaas, jechi tokko dhamjechoota addaa addaatti qoodamuun tajaajila garaagaraa ibsa waan ta'eef sana addaan baafachuurrati rakkoo qabu.

Qo : Yeroo keessan aarsaa gootani yaada naaf kennuf qophii ta'uu keessaniif galatoomaa jechaa maqaa keessaniif kutaa barsiiftan

B5 : Isinis guddaa galatoomaa jechaa;maqaan koo …….kutaa 11ffaa barsiisa.

Barattoonni mana barumsaa keenya keessatti kutaa kana barsiifnu dhamjechoota hirkatoo addaan baafachuu irratti hanqina guddaa qabu.

Qo : Fedhiin barattoota dhamjechoota hirkatoo AfaanOromoo hubachuuf qaban maal fakkaata?

B1 :Fedhiin barattoonni dhamjecha hirkataa hubachuuf qaban gadaanaadha.Sababni isaas, barattoonni dhamjechoota hirkataa hubachuuf fedhii dhabuufi akka waan beekanitti of ilaalu.Dabalataanis qophiin kitaaba barataa dhamjechoota hirkatoo barsiisuurratti ifa ta'uu dhiisuufi shaakala ga'aa dhabuu akkasumas,yaadannoofi ibsa dhabuutu waan mul'atuuf

barattoonnis fedhii dhabu.

B2: Qophiin kitaaba barataa dhamjechoota hirkatoo barsiisuu irratti ifa miti.kana malees, yaadannoo ga'aa hinqabu.Haata'u malee, shaakalli kitaaba barataa keessatti argamu dandeettii barataa cimsuuf ga'aa miti waan ta'eef fedhii dhabu.

B3 : Fedhiin barattoonni dhamjecha hirkataa hubachuuf qaban gadaanaadha.

B4 : Barattoonni fedhidhaan dhamjecha hirkataa barachuuf qaban gadaanadha.Sababni isaas,qophiin kitaaba barataa dhamjechoota kana barsiisuuf ifa miti akkasumas shaakala ga'aa hinqabu.

B5 : Qophiin kitaaba barataa dhamjechoota hirkataa barsiisuurratti ifa miti.Akkasumas yaadannoo ga'aa ta'ellee hinqabu. Kanaaf fedhii hinqaban.Haata'u malee, shaakalli jiru dandeettii barataa cimsuuf ga'aadha.

Qo: Qabiyyeen dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barataa keessatti yaadannoo fi fakkeenyi kenname ifaadha?

B1 : Gaaffii arfaffaa keessatti akkuma kaasuuf yaalle qophiin kitaaba barataa keessatti qabiyyeen waa'ee dhamjecha hirkataa dhiyaatee jiru ifa miti.

B2 : Kitaaba barataa keessatti waa'een dhamjecha hirkataa barataaf dhiyaate yaadannoo ifa ta'eefi fakkeenya ga'aa hubachiisuu danda'u hinqabu.

B3 : Akkuma gaaffii 4ffaa keessatti kaasuuf yaale qophiin kitaaba barataa keessatti qabiyyeen waa'ee dhamjecha hirkataa barattota sanaaf yaadannoo ifa ta'eefi fakkeenya ga'aa hinqabu.

B4 : Kitaabilee barataa keessatti qabiyyeen dhamjecha hirkatoo ibsu yaadannoofi fakkeenya ga'aa hinqabu.

B5 : Qophii kitaaba barataa keessatti qabiyyeen waa’ee dhamjecha hirkataa ibsu yaadannoo fi fakeenya ga’aa hinqabu.

Qo : Qabiyyeen dhamjecha hirkataa Afaan Oromoo kitaaba barnootaa keessatti argaman yeroo barsiiftan mijataa fi yeroo kenname keessatti kan xumuramudha?

B1 : Qabiyyee kana yeroon barsiisu mijataa miti.Sababni isaas,Adeemsa baruuf barsiisuu keesatti barattoota kana yemmuun hubachiisu shaakallifi yaadannoo ga’aan waan hinjirreef kitaabilee wabii barbaachuun barattoota kana barsiisuuf dirqama.Yeroo kanatti sa’aatiin barnoota kanaaf kenname ga’aa hinta’uu jechuudha.

B2 : Yemmuun qabiyyee dhamjecha hirkataa barsiisu shaakalli fi yeroo ga’aan hinjiru waan ta’eef mijataa miti.

B3 : Kitaaba barataa kana keessatti dhamjechi hirkataa dhiyaate yaadannoo barbaachisaa ta’e hinqabu waan ta’eef mijaa’ina hinqabu.

B4 : Qabiyyeen kitaaba barataa kana keessatti argamu mijaa’ina hinqabu.Sababni isaas yaadannoo fi fakkeenya ga’aa waan hinqabneef kitaabile garaagaraa barbaachuun ibsaafi fakkeenya kennuun hubachiisa waan ta’eef yeroo kenname keessatti xumuruuf mijataa miti.

B5 : Qabiyyeen kitaaba kana keessatti dhiyaate mijataa miti.

Qo : Qabiyyee kana yemmuu barsiiftu mala akkamii gargaaramuun barsiiftaa?

B1 : Qabiyyee kana yemmuun barsiisu mala od ibsaatti gargaaramuun barsiisa.Sababni isaas,barattoonni waa’ee dhamjecha hirkatoo hubannoo ga’aa hinqaban waan ta’eef yaadannoo kennaafi ibsa.

B2 : Yemmuun qabiyyee kana barsiisu mala od-ibsaafi marii gareetti gargaaramuun

barsiisa.Tooftaanfayyadamus,ergan yaadannoo fi ibsa laadhee booda gaaffii muraasa qopheessuun akka isaan gareen maryatan godha.

B3 : Qabiyyee kana yeroon barsiisu mala od-ibsaattin gargaarama.

B4 : Qabiyyee dhamjecha hirkataa tooftaa od-ibsaafi marii gareetti fayyadamuun barsiisa.

B5 : Mata duree kana yemmuun barsiisu mala od-ibsaattin fayyadamuun barsiisa.Sababni isaas yaadannoo ergan kennee booda ibsan laadha waan ta'eef.

Qo : Daree keessatti qabiyyee kana yemmuu barsiiftu madaallii akkamii gaggeesitaa?

B1 : Madaalliin qabiyyee kana irratti gaggeessu hojii manaa fi battalle kennuun.

B2 : Qabiyyee kana irratti madaallin gaggeesu,hojii manaafi qormaata barreeffamaa laachuun.

B3 : Madaalliin kennu hojii manaafi qormaata dha.

B4 : Qabiyyee kana irratti madaalliin laadhu hojii manaa fi gaaffii barreeffamaa kennuun madaala.

B5 : Qabiyyee kanaaf madaalliin fayyadamu hojii manaa fi qormaata barreeffamaati.

Qo : Dandeettii dhamjecha hirkatoo barattootaa qabaachuu ilaalchisee ga'ee isaa ba'achuu kan qabu eenyu?

B1 : Dandeettii barattootaa kana irratti ga'ee isaa ba'achuu kan qabu adda durumaan barsiisaafi barataadha.

B2 : Ga'ee isaa ba'achuu kan qabu barsiisaafi barataa dha. Dabalataanis dippaartimentiin Afaan Oromoos ga'eesaa ba'achuu qaba.

B3 : Dandeettii barattootaa irratti ga'ee isaa ba'achuu kan qabu barsiisaafi barataadha.

B4 : Dandeettii dhamjecha hirkataa qabaachuu barattootaa irratti ga'ee isaa ba'achuu kan qabu

barsiisaafi barataadha.

B5 : Dandeettii barattootaa irratti ga'ee isaa ba'achuu kan qabu adda durummaan barsiisaa fi bara taadha.

Qo : Hanqinoonni mul'atan jettanii yaaddanuufi yaada furmaataa ibsaa


B1 : Hanqiinota amma kaase kana keessatti yaadni furmaataa ta'uu qabu qabiyyeen kitaaba barataa keessa jiru fooya'uu qaba.

B2 : Hanqinoota jiraniifi yaadni furmaataa ta'uu danda'u jedhee yaadu qabiyyeen kitaaba barataa fooyya'uufi haala baruuf barsiisuuf mijatutti qophaa'uu qaba.

B3 : Hanqinoota mul'atan jedhee yaadu kana keessatti furmaatni ta'uu qabu qabiyyeen kitaaba barataa keessa jiru fooyya'uu qaba.

B4 : Hanqinoota mul'atan kanaaf furmaatni gara fuulduraatti ta'uu qabu qabiyyeen kitaaba barataa keessa jiru fooyya'uu,haala baruufi barsiisuu barataaf mijatutti qophaa'uu qaba.

B5 :Hanqinoota mul'ataniif kitaaba barataa keessatti qabiyyeen dhamjechoota hirkataa ibsan yaadannoofi fakkeenya ga'aan dhiyaachuu qabu.





Suuraa barsiisotaa Af-gaaffii taasifamee

## Dabalee E

**Deebii qormaataa marsaa jalqabaa**

Qajeelfama: Dhamjechoota hirkatoo tajaajila raawwii darbe,mathima mul'isu,danummaa agarsiisu,aantima kallattifi raawwachiisaa agarsiisu jechoota lama lama barreessi.

| 1. Raawwii darbe | 2.Mathima mul'isu | 3.Danummaa | 4.Aantima kallattii | 5.Raawwachisaa |
|---|---|---|---|---|
| Deeme | mukti | Namoota | Nama | Fiigsise |
| Gale | Caaltuun | Jabiilee | Farda | Duroome |

Qajeelfama:Jechoota fufii ofirraa qaban fufii duraa 4,fufii boodaa 3,fufii naannee 3 barreessi.

| **Fufii duraa** | **Fufii boodaa** | **Fufii naannee** |
|---|---|---|
| Altokko | bitame | hindhufne |
| Alasoosama | sangoota | haabaratu |
| Garmalee | fardeen | hindeemne |
| Walquunamtii | | |

**Qormaata Marsaa 2ffaa**

Qajeelfama: Jechoota shan fayyadamuun dhamjechoota hundee,fufii yaasaa fi hortee qaban ad daan baasuun barreessi.

**Deebii**

| **Jecha** | **hundee** | **fufii yaasaa** |
|---|---|---|
| **A.**Arjoome | arj- | -oom |
| **B**.bareedina | bareed- | -ina |
| **C**.addeenya | ad- | -eenya |
| **D**.hormaata | hor- | -maata |
| **E**.gaarummaa | gaar- | -ummaa |

| Jecha | hundee | fufii hortee |
|---|---|---|
| **A.**qal’ate | qal- | -e |
| **B.**deeman | deem- | -an |
| **C**.arjoome | arj- | -e |
| **D**.galan | gal- | -an |
| **E.**dhuge | dhug- | -e |

Hub.Deebiin armaan olitti ka’aman jechuunis,qormaata marsaa jalqabaa qajeelfama 1ffaafi2ffaa akkasumas marsaa 2ffaa keessaa immoo qajeelfamni jalqabaa akka fakkeenyaatti kan fudhatamanidha.Sababni isaas,deebiin qajeelfama kana jalatti deebi’uu daanga’aa miti waan ta’eef deebii barattooni kennan ilaaluun kan sororamedha.

Qajeelfama:Deebii fufilee horteefi yaasaa waliin makamanii dhiyaatan.

| Fufii hortee | Fufii yaasaa |
|---|---|
| -n | -ummaa |
| -lee | -ina |
| -a | -oom |
| -lii | -am |
| -an | -at |